# QAACCESSA QUBEESSUU BARREEFFAMOOTA XALAYAALEE  HOJII WAAJJIRA MOOTUMMAA BULCHIINSA MAGAALAASHAASHAMANNEE

BOKOREE GAARUMMAA JOOTEE

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUU GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIIF DHIYAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

SADAASA 2014 /2021

FINFINNEE

YUUNIVARSIITII FINFINNEETTI KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII

# QAACCESSA QUBEESSUU BARREEFFAMOOTA XALAYAALEE HOJII WAAJJIRA MOOTUMMAA BULCHIINSA MAGAALAA SHAASHAMANNEE

QORATAAN: BOKOREE GAARUMMAA JOOTEE

GORSAAN: AMAANU`EEL ALAMAAYYOO (PhD)

SADAASA, 2014/2021

FINFINNEE

**Yuunivarsiitii Finfinnee**

**Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee**

**Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoo Barsiisuu Gamisaan Guuttachuuf Bokoree Gaarummaa jooteetiin, Mataduree: "Qaaccessa Qubeessuu barreeffamota Xalayaalee Waajjiraalee Mootummaa bulchiinsa magaalaa shaashamannee" jedhu irratti qophaa'e sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.**

**Koree Qormaataa**

**Qoraa Alaa____________________Mallattoo___________Guyyaa_________________**

**QoraaKeessaa__________________Mallattoo__________Guyyaa__________________**

**Gorsaa_________________________Mallattoo__________Guyyaa________________**

**____________________________________________________________**

**Ittigaafatamaa Muummee yookaan Walitti qabaa sagantaa Digirii lammaffaa**

## Axereeraa

*Kaayyoon qorannoo kanaa xalayaalee hojii waajjiraalee mootummaa bulchiinsa magaalaa shaashamannee keessatti Afaan Oromootiin barreeffamanii jiran Qaaccessuu yoo ta'u qorannoo gaggeessuuf wanti naa kakaase erga hojii mootummaatti qacaramee eegalee xalayaalee bahii ta'an waajjiroota mootummaa keessaa bahan hanqinaalee qubeessuu heddu qabaachuun isaa fi ergaa darbuu qabu dabarsuu dhiisuun, bal'inaan jiraachuu isaa waan hubadheef mataduree kana filadhe. Qorannoon kunis kan adeemsifame gosa qorannoo akkamtaafi ammamtaa (makaa) gargaarameeti. Sababni malli kun filatameef, odeeffannoon walitti qabaman mala lakkoofsaafi ibsaan hiikuun waan barbaachiseefiidha qorannoo kana adeemsisuuf, Afgaaffii, sakatta'a xalayaalee fi bargaaffiitti fayyadamuudhan. Iddattoo qorannoo kanaa xalayaalee bara 2011 keessa bahii ta'aniifi hojjettoota waajjira qorannoon kun irratti addeemsifame keessa hojjetanidha. Tooftaalee iddatteessuu jiran keessaa waajjiraalee filachuuf mala mit-carraa fayyadamuun iddatteessuu gaggeessee jira. Dangaan qorannichaa immoo qaaccessa qubeessuu barreeffamoota xalayaalee hojii waajjira bulchiinsa magaalaa shaashamannee keessatti argaman irratti xiyyeeffata. Fayidaan isaa Ergaan karaa barreeffamaa darbu gochuu akka hin gufanne taasisa. Qaama qorannoo kana fakkaatu hojjechuu fedhuuf daandii kan itti agarsiisu ta'a. Gama argannoo qorannichaan immoo waajjiraalee mootummaa keessatti xalayaaleen barreeffamanii bahan irra caalaa hanqina qubeessuuf akka saaxilaman kan taasise: soofti koppii/soft copy/fayyadamuu, yeroo xalayaa barreessan akka dubbisaniif walitti kennachuu dhabuu, yeruma baratan Afaan Oromootif xiyyyeeffannoo kennuu dhabuu, leenjii hojiirraa dhabuu,muuxannoo barreessuu fi waanuma barreessi jedhaman qofa barreessuun rakkoo qubeessuu barreeffamoota xalayaalee ta'uu isaa bira gahameera.*

# Galata

Duraan dursee isa waan hundumaa gochuu danda'u waaqayyoo guddaan galateeffadha. Itti aansuun gorsaa koo kan ta'an yeroo isaanii aarsaa gochuun beekumsa qaban osoo hinqusatiin, mata duree koo irratti gorsa garaa garaa anaaf kennuun akkasumas, kallattii adda addaatiin hanqina jiru akkan sirreessuuf jalqabaa hanga xumuraatti kan ana gargaaraa turan gorsaa koo fi barsiisaa koo kan turan Dr. Amaanu'eel Alamaayyoof galanni koo daangaa hin qabu. Kana malees, haadha warraa koo Adde Maartuu Nageessoo adeemsa milkaa'ina koo har'aa keessatti nuffe, dadhabe osoo anaana hin jedhiin deeggersa kallattii hundaan bifa walirraa hin cinneen anaaf gochaa turteef guddaa galatoomi. Dhumarratti, qaamonni odeeffannoo anaaf kennuun deeggersa anaaf gootan hundi galata ana biraa qabdu.

## Tarreeffama gabateewwanii.

Gabatee :-1ffaa.----------------------------------------------------------------------------------31

Gabatee:- 2ffaa-------------------------------------------------------------------------------------47

Gabatee :-3ffaa-------------------------------------------------------------------------------------49

## Kottoonfachiiftuuwwaan

A/Oromoo ------------------------------------------------------------Afaan Oromoo

A/Amaaraa------------------------------------------------------------Afaan Amaaraa

Lakk.------------------------------------------------------------------lakkoofsa

Kur.1ffaa--------------------------------------------------------------kurmaana 1ffaa

Bul.Mag.Shaashamannee--------------------------------------------Bulchiinsa MagaalaaShaashamannee

M/Barumsaa --------------------------------------------------------Mana Barumsaa

Dig--------------------------------------------------------------------Digirii

Dip--------------------------------------------------------------------Dippiloomaa

Fkn -------------------------------------------------------------------fakkeenya

## Gabaajeewwan

L.S.P.-------------------------------------------------------Lakkoofsa Saanduqa Poostaa

BBO-----------------------------------------------------Biiroo Barnoota Oromiyaa

Kkf.-----------------------------------------------------kan kana fakkaatan

MA-------------------------------------------------------Master of Ar

W/D/I/--------------------------------------------------Waajjira Dargaggoofi Ispoortii

W/B/B/M/SH/-------------------------Waajjira Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Shaashamann

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

*Axereeraa* ........................................................ ii

Galata ........................................................ iii

Tarreeffama gabateewwanii. ........................................................ iv

Kottoonfachiiftuuwwaan ........................................................ iv

Gabaajeewwan ........................................................ iv

Boqonnaa Tokko: Seensa ........................................................ 1

1.1.Ariirrata Qorannichaa ........................................................ 1

1.2.Ka’umsa Qorannicha ........................................................ 4

1.3.Kaayyoo Qorannichaa ........................................................ 7

1.3.1.Kaayyoo Gooroo Qorannichaa ........................................................ 7

1.3.2.Kaayyoo Gooree Qorannichaa ........................................................ 7

1.4.Faayidaa Qorannichaa ........................................................ 8

1.5.Daangaa Qorannichaa ........................................................ 8

1.6.Hanqina Qorannichaa ........................................................ 9

1.7.Qindoomina Qorannichaa ........................................................ 9

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU ........................................................ 11

2.1.Maalummaa Barreessuu ........................................................ 11

2.2. Maalummaa Qubeessuu ........................................................ 11

2.3. Maalummaa xalayaa ........................................................ 13

2.4.Qabiyee xalayaa ........................................................ 14

2.5.Amaloota Xalayaa ........................................................ 15

2.5.1.Karaa ifaa Ta`een Barreessuu ........................................................ 15

2.5.2.Karaa Gababaan Barreessuu ........................................................ 15

2.5.3. Sirna Barreeffamaa Eeguu ........................................................ 15

2.5.4. Jechoota Salphaa Fayyadamuu ... 16
2.5.5. Yaada Murta`aa irraa Gara Dimshaashaatti Barreessuu ... 16
2.5.6. Keeyyata Gaggabaabaatti Qoqqooduun Barreessuu ... 16
2.6. Barreeffama Xalayaalee Keessatti wantoota xiyyeeffatamuu qaban ... 16
2.6.1. Qubeessuu ... 17
2.6.2. Sirna Tuqaalee/punctuation/ ... 21
2.6. 3. Walqabsiistota. ... 22
2.7. Caasaa Afaan Oromoo ... 22
2.8.Maddoota Hanqinaalee Xalayaa Waajjiraalee Mootummaa ... 24
2.8.1.Hir'ina Shaakala Taasisuu ... 24
2.8.2.Hanqina Ga'umsaa ... 24
2.8.3.Hanqina Xiyyeeffannoo ... 25
2.8.4.Hanqina Muuxannoo ... 25
2.10. Yaaxxina Qorannichaa ... 27
2.11. Sakatta`a Barruu Walfakkii ... 27
BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA ... 29
3.1. saxaxa qorannichaa ... 29
3.2. Madda ragaalee ... 29
3.3. Mala Iddatteessuu ... 29
3.4. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaaname ... 30
3.4.1. Afgaaffii ... 31
3.4.2.Bargaaffii ... 31
3.4.3. sakatta'a dookimentii ... 32
3.5. Mala Ragaaleen Ittiin Qaacceffame ... 33
BOQONNAA AFUR ... 34
4. Xiinxalaa Ragaalee ... 34
4.1. Ibsa Odeef-kennitootaa ... 34

4.2. Odeeffannoowwan Sakatta'a Dookimentii Irraa Argaman Qaaccessuu ............................ 35

4.3. Odeeffanoowwan Afgaaffii Irraa Argaman Qaaccessuu ................................................. 45

4.4. Odeeffannoowwan Bargaaffii Irraa Argaman Qaaccessuu.............................................. 48

Boqonnaa shan : Cuunfaa,Argannoofi yaboo..................................................................... 54

5.1. cuunfaa.......................................................................................................................... 54

5.2. Argannoo ....................................................................................................................... 54

5.3. yaboo ............................................................................................................................ 55

Wabiilee............................................................................................................................. 57

DABALEE 'A' ...................................................................................................................... v

DABALEE 'B' ................................................................................................................... viii

DABALEE 'C:suurawwan dokkimentii sakkata'ame ......................................................... x

IBSA ............................................................................................................................... xvii

# Boqonnaa Tokko: Seensa

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Afaan Oromoo carraa barruun dagaaguu utuu hin argatin hanga jarraa 19ffaatti turuu isaa(makuriyaa Bulchaa(1995:36).ni dubbata . jarraa kana irraa eegalee beektota kanneen akka Abdurahamaan 1969, Webstor 1960, Borelloo1945,Jaressau 1922 Afaan Oromoo irraatti barreeffamuu isaa Grag,Bender 1976:168 keessatti ni ibsama. Kana malees Dhalootee Oromoo kan ta'an Onesmoos Nasiibii fi Asteer Gannoo kitaabolee addaa addaa Qubee sabaarraa gara Afaan Oromootti kan hiikanii fi ofiis barreessanii kan maxxansiisuu isaanii(ibid) ragaa baha. Haaluma kanaan Afaan Oromoo kan barreeffame keessaayyuu Misiyoonota Awurooppatiin qubee baay'ee; Roomaan, Saabaa fi Arabaa fayyaadamuudhaan Afaan oromoo kan barreessan yeroo ta'u, meeshaleen maxxanfaman immoo kitaaba Qulqulluu dabalatee faaruulee Amantaa fi miti Amantaa, Galmee Jechootaa,Mammaaksota,Walaloo, Kitaabolee Mana barumsaafi Seer-lugoonni adda addaa akka barreeffaman ni addeessa

Jijjiirama mootummaa Impaayer Itoophiyaa keessatti bara 1974taasifame keessatti Afaaan Oromoo mootummaa fi meeshaa sab-quunnamtii biratti beekamtummaa kan argate (qubee sabaatiin). Grag 1982 yeroo ta'u itti fufiinsaan jijjiirama mootummaa biyyatti keessatti bara 1991 A.L.A Adeemsifame keessatti chaarteriin mootummaa cehumsaatiin Afaan Oromoo afaan mootummaa naannoo Oromiyaa ta'ee bara 1991 irraa eegalee heeraan mirgi kennameefi jira. Kannarratti hundaa'uunis bara 1993 irraa eegalee Afaan Oromoo manneen barnootaa sad.1ffaa keessatti Afaan barnootaa Sad.2ffaa keessatti immoo akka gosa barnoota tokkootti akka kennamu ta'uudhaan yeroo ammaa kana immoo kolleejjii fi Yuuniversiitiwwaan adda addaa keessatti digirii tokkoffaa fi lammaffaa kennamaa jira.Digirii 3ffaan/PhD/ immoo yuuniversiitii Finfinnee fi Yuuniversiitii Wallaggaa Keessatti kennamaa jira.Afaan Oromoo barreeffamuu kan eegale bara 1942tti akka ta'e (Grag 1976,Mahadi 1995).Yeroo sana irraa eegalee Afaan Oromootiin barreeffamootni garaagaraa bal'inaaan barreeffamaa turan. Ammas barreeffamaa jiru.

Afaan Oromoo kufaatii sirna bulchiinsa Dargii booda, bara 1991 A.L.A irraa eegalee Qubee Laatiiniitin guutummaatti barreeffamaa jira. Waajjiraalee Mootummaa Naannoo Oromiyaa,

seektaroota waajjiraalee godinaa hanga aanaa keessatti afaan hojii waajjiraalee ta'ee barreeffamoota garaagaraan tajaajilaa jira. Kana malees, manneen barnootaa Naannoo Oromiyaa keessaafi dhaabbilee barnootaa olaanaa keessatti afaan barnootaas akka ta'e Naasiseen (2009, f.9) ibsitee jirti. Kanneen mana hojii mootummaa keessatti barreeffamaan itti tajaajilaman keessaa tokko kara barreeffama xalayaati.

Barreefamoota garaagaraa Afaan Oromootiin barreessuuf qubeen filatamaa Qubee Laatiiniin alatti akka garaa ofiitti barreessuu akka hin dandeenye Asaffaa (2009, f.12) ibsee jira. Qubee Laatiinii filatamaa ta'e kana yeroo fayyadaman hanqinoonnin garaagaraa bal'inaan mul'atu. Hanqinoonni kunneenis hanqina qubeessuu, bal'inaan dhimma itti ba'uudha. Rakkooleen kunneen xalayaalee hojii Afaan Oromoon barreeffaman keessatti bal'inaan mul'atu. Kaayyoon qorannoo kanaas xalayaalee hojii keessatti gama kanneeniin mul'atan xiinxaluudha.

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas xalayaalee hojii Bulchiinsa Mag.Shaashaamannee keessatti hanqinaalee qubeessuu, qaaccessuurratti. Qoratichis yeroo sababa hojiif magaalicha keessa jiraata turetti xalayaalee manneen hojii mootummaa bul. Mag. Shaashamannee keessaa barreeffamanii bahan dogoggoroota kanneen akka qubeessuufi seera afaanichaan alatti qubguddeessatti dhimma ba'uun bal'inaan nimul'ata waan ta'eef.

Barreeffama barreeffamu tokko keessatti wantoonni ergaa darbu guutuu taasisuuf gumaachan keessaa qubeessuun isaan tokkoodha. Crystal dhimma kana (1987,f.213) yoo ibsu, qubeessuun baay'ee itti yaaduu, adeemsa hubbannoo qabu, beekumsa caasaa xiinsagaa kan barbaadu, sirriitti ilaalanii yaadachuufi tartiibessuu kan gaafatu jedha. Akkasumas, Sinclair, (2001, f. 1499) akka jedhutti qubeessuu jechuun qubeewwan jecha tokko keessatti argaman akka hiika kennuu danda'utti seeraan naquu yookiin haala sirrii ta'een kaa'uudha jedha. Yaadolee armaaan oliirraa wanti hubatamu qubeessuun adeemsa mataasaa qabuun kan raawwatu beekumsa caasaa birsagaa beekuu kan gaafatu ta'ee, qubeewwan jecha tokko keessatti argaman akka hiika kennuu danda'anitti seeraan naquu ykn haala hiika sirrii ta'e kennuu danda'uun naquu akka ta'e ibsanii jiru.

Namoonni ergaa kan waliif dabarsan karaa bareeffamaa waraqaa,dhakaafi wantoota adda adda irratti kan barreessan yoo ta'u,kanneen waraqaa irraatti barreessanii ergaa ittiin dabarsan keessaa xalayaan isa tokkodha. Xalayaan meeshaalee quunnamtii barreeffamaa keessaa isa tokko. Daandii dhalli namaa waggaa dheeraadhaaf ittiin ergaa isaa waliif dabarsaa asga'eedha.

Xalayaan Ergaa barreessuun darbu keessaa isa tokko ta'uu isaati. Egaa quunnamtiin kunis sirriitti adeemsifamuuf barreeffamni xalayaa saayinsii afaan sanaa dogongora irraa bilisa ta'etti dhimma ba'uun kan irraa eegamuudha. Barreessuun sirrii ta'e guddina afaanii keessatti fedhii uummanni dubbii afaaniin guuttachuu hindandeenye furuuf kan gargaaru akka ta'e beekamaadha. Akka Misgaanuu (2011:94-95) ibsutti,"Barreeffamni tokko ulaagaa gaarii guuteera kan jedhamu, barreeffama walquunnamtii yaadaa ifaa, qulqulluufi ga'aa ta'e tokko argachuuf: caasima,qabiyyee,qaama barreeffamaa, dhimma filannoo jechootaafi qindoomina seerlugaa, sirna tuqaaleefi qubguddeessa yoo qabaateedha,"jedha.Kanaafuu,waajjiraaleen mootummaa ergaan hojii isaanii fiixaan ba'iinsa akka gonfatuuf yaada kana xiyyeeffannoo keessa galchuudhaan ofeeggannoon barreessuutu barbaachisa jechuudha.Sababni isaas, abbaan dhimmaa qaamaan waan barreessaa kana bira hinjirreef, qabxii hinhubatamne mariisisuu hindanda'u. Kanaaf, barreessuun ergaa keenya karaa qaamni dubbisu sun gaariitti hubachuu danda'uun akka hojiirra oolfannuuf kan nugargaaruudha . Yaada kanaan kan walqabatu Pincas(1982:5) yeroo ibsu, "Writing is an instrument of both communication and self expression,"jedha.Yaadi kun, barreessuun meeshaa quunnamtiifi yaada sammuu ofii keessa jiru kan ittiin ibsatan ta'uusaati.

Xalayaan kan namoonni fedhii, hawwii, gammachuu, gadda, dhimma hojii ilaalchisee yaada, gaaffiifi gabaasa qaban waraqaarratti barreessuun kan ittiin waliif ibsaniifi walqunnamaniidha Tafarii (1998:233). Akka Dawson, (2004:7) ibsuttii immoo xalayaan akaakuu lamatti qoodama. Innis, xalayaa dhuunfaafi hojiiti jedha. Xalayaan akaakuu garaagaraa qaba. Xalayaa dhuunfaa yookiin michuufi xalayaa hojiiti Tafarii, (1998:233). Xalayaa dhuunfaa kan jedhamus, xalayaa dhimma dhuunfaa ilaalchisee firri firaaf, ollaan ollaaf, jaalalleen jaalalleef dhimmota adda addaa nagaa walgaafachuu, walaffeeruu, dhimma gaddaafi gammachuu walitti himuuf, waa'ee dhimma tokkoo yookiin naannoo tokkoo waliif qabaasuufi dhaamsa waliif dabarsuuf kan gargaarudha (f.234).

Xalayaa hojii kan jedhamu immoo xalayaa dhimma hojii ilaalchisee namootarraa gara waajjiraatti barreeffamu, waajjirarraa gara namootaatti barreeffamu, waajjirarraa gara waajjiraatti barreeffamu ta'uu danda'a. Geetaachoo (2007:136) dhimmonni xalayaan kun barreeffamuuf iyyata hojii, miseensa gumii tokko ta'uuf kan barreeffamu, xalayaan qacarrii, waa'ee sochii waajjira tokkoorratti ibsa gaafachuuf yookiin kolleejjii tokko keessa galanii barachuuf barreeffamaan gaaffii yoo dhiyeessan barreeffamoonni akkasii barreeffama xalayaa hojii jedhama. Xalayaan waajjiira tokko keessatti barreeffamu bifa garaagaraatin kan barreeffamu yoo ta'e, dubbistoota biratti haala gaariin dhaamsi isaa hubatamuu hin danda'u. Xalayaan barreeffamu tokko rakkoo qubeessuu yoo qabaate, dhaamsi xalayichaa haala barbaadameen hojiirra hin oolu. Xalayaan waajjira tokko keessatti barreeffamu dogoggora

garaagaraatiin kan barreeffamu yoo ta'e, walqunnamtii dubbisaafi barreessaa kan addaan kutu ta'uusaa ibsa. Fudhatamummaan xalayichaas gadi bu'a.

Rakkoowwan qubeessuu xalayaalee waajjiraa mootummaan keessatti mul'atan kunniin, waan qaama hojii keessaa tokko ta'aniif, warra seera barreeffama Afaan Oromoo hin beekne biratti tarii akka waan sirrii ta'eetti ilaalamuu danda'a ta'a. Egaa seera dhabdummaan barreeffama xalayaa waajjiraalee mootummaa kun afaanichi haala barbaadameen akka hinguddanneef gufuu kan itti ta'uufi yaaddoos kan uumuudha. Misgaanuu(2011:64) akka ibsutti, "Barreessuun haala jiruufi jireenya fuulduraa keessatti gaheen inni taphatu salphaa miti,"jedha. Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti, dogongorri har'a mul'atu kun dhalootaaf dhaala yoo ta'e adeemsa keessa waliigaltee irratti rakkoo fiduun isaa hinshakkisiisu. Kanaafuu, qorannoon kun dhimma kana ijoo godhachuun, xiinxala barreeffama Xalayaa Waajjiraalee Mootummaa Godina Arsii Lixaa Bulchiinsa Magaalaa Shaashamannee keessaa waajjiraalee saddeet irratti xiyyeeffatee kan adeemsifameedha.

## 1.2. Ka'umsa Qorannicha

Ka'umsi qorannoo tokkoo dhugaa hawaasa keessatti yookiin waa'ee hawaasichaa dhimma barreeffamerratti mul'atu, dhimmichis rakkoo yookiin qaawwa jiru tokko duuchuuf ibsa bal'aa dhimmichaaf kennamu ta'uu danda'a. Wiersma (1995, f. 404) yaada armaan olii kana yoo ibsu, "A problem might be defined as the issue that exist in the literature, theory, or practice that leads to a need for the study", jedha. Haaluma kanaan qoratichi mata duree qaaccessa barreeffamoota Xalayaalee Hojii waajjiroota mootummaa bulchiinsa magaalaa shashamannee keessatti argaman irratti qorannoo gaggeessuuf wanti qoraticha kakaase erga hojii mootummaatti qacaramee eegalee xalayaalee galiifi baahii ta'an waajjiroota mootummaa keessaa argetti hanqinaalee barreeffamaa heddu qabaachuun ergaa darbuu qabu dabarsuu dhiisuun, ergaa darbuu hin malle dabarsuun hanga har'aatti rakkinichi bal'inaan jiraachuu isaa waan hubateef Yoo hanqina kanarratti qorannoon gaggeeffamee kallattiin furmaataa itti kennamuu baate rakkooleen xalayaadhaan yaada waljijjiiruu babal'achuurra darbee guddina Afaanichaa irrattillee dhiibbaa qabaachuu danda'a. Barreeffamni dogoggora malee barreeffame barreessaafi dubbisaa gidduutti waliigaltee gaarii uuma. Yoo dogoggorri barreeffamaa fayyadamuun jiraate garuu, walqunnamtii barreessaafi dubbisaa addaan kuta; namoonni barreeffama dogoggoraa dubbisanis yaada dogoggoraa hubatu yookiin yaada jedhamuuf

barbaadamellee hubachuun nama rakkisuu danda’a Mihiretufi Melkamu, (2011, f. 103). Kanaaf, barreeffama xalayaalee hojii keessatti dogoggorri barreeffamaa fayyadamuu gara fuulduraatti yoo babal’atee mul’ate walqunnamtiin sirrii qaama xalayaa barreesseefi dubbisu gidduutti uumamuu hin danda’u. Kunimmoo xiyyeeffannoo guddaa kan barbaadudha.

Yaada kana Misgaanuun, (2011:59) yoommuu ibsu, “Barreessuun hojii sammuu baay’ee walxaxaa karaa barreessaan altokkotti wantoota heddu to’achuun agarsiisudha. Fakkeenyaaf, sadarkaa himaatti to’annaa qabiyyee, unka, caasaa himaa, qubeessuufi qindoomina qubeewwanii kan of keessatti haammatudha” jedha. Akka yaada barreessaa kanaatti barreessuun hojii cimaa kan itti yaadameefi ofeeggannoon barreeffamu ta’uusaati. Qorannoo kana keessattimmoo, sababa namoonni dogoggora qubeessuu, seera malee qubguddeessatti fayyadamuu, akkaataa seera afaanichaatti sirna tuqaalee fayyadamuu dhiisuu, bakka galuu qabutti walqabsiistuu fayyadamuu dhiisuufi kkf xalayaalee keessatti uumaniifi hojii walxaxaa kana dagatan beekuun barbaachisaadha. Qorataanis kan onnate miidhaa xalayaaleen dogoggoraan qubeessuu, seera malee qubguddeessatti fayyadamuu, akkaataa seera afaanichaatti sirna tuqaalee fayyadamuu dhiisuu, bakka galuu qabutti walqabsiistuu fayyadamuu dhiisuufi kkf fidu waan hubateef, rakkoolee kanaaf kallatti furmaataa kaa’uuf qorannoo geggeessee jira.

Namoonni baay’een rakkoo walqunnamtii keessa kan galan dubbisuurra dogoggoraan barreessuurratti. Sababni isaa yeroo dubbisan qabxiilee filataman hordofanii qubeewwan muraasa hubannaan kanneen hafan tilmaamaan itti guuttachuudhaan dubbisuu kan danda’an yommuu dogoggorri qubeessuu, seera malee qubguddeessatti fayyadamuu, akkaataa seera afaanichaatti sirna tuqaalee fayyadamuu dhiisuu, bakka galuu qabutti walqabsiistuu fayyadamuu dhiisuufi kkf garuu, akkasitti hubatamuu kan hin dandeenyeefi dogoggora mara kan sirreessuu gaafatu ta’ee argama. Kanaaf, rakkoolee dogoggorri armaan olitti eeraman barreeffama xalayaalee keessatti fidu qorannoon adda baahee jira.

Ani amma dubbisee argetti qorannoon kanaan dura xalayaalee irratti hojjataman muraasa ta’anis barreeffamoonni qorannoo kanaaf aantee ta’an akka ka’umsaatti itti dhimma bahe dogoggora qubeessuu barattoonni Afaan Oromoorratti qaban ilaalchisee qorataan qorannoo gaggeesse Alamuu, (2007) ture. Qorannoon kun kanirratti xiyyeeffatu dogoggora qubeessuu

barattoota Afaan Oromoo yeroo barreessan qabaachuufi dhiisuu qulqulleeffachuun adda baasuurratti kan xiyyeeffatudha. Kan biroommoo qorannoo Geediyoon (2013) gaggeesse dogoggora barreeffamoota barjaarraa sakatta'uun adda baasuu kan jedhuurratti. Xiyyeeffanoon qorannoo kiyyaa immoo xalayaalee hojii qaaccessuudha. Innis qubeessuu, seera malee qubguddeessatti fayyadamuu, akkaataa seera afaanichaatti sirna tuqaalee fayyadamuu dhiisuu, bakka galuu qabutti walqabsiistuu fayyadamuu dhiisuu,caasaa afaanichaatti seeraan fayyadaamuu dhabuufi kkf dhufu xiinxaluu, qorannoowwan kanneenirraa adda ta'a.

Kanaaf, qaaccessa xalayaalee hojii keessatti gama qubeessuu, seera malee qubguddeessatti fayyadamuu, akkaataa seera afaanichaatti sirna tuqaalee fayyadamuu dhiisuu, bakka galuu qabutti walqabsiistuu fayyadamuu dhiisuun mul'atan kana qorachuun rakkoo jiru addaan baasanii furmaata barbaaduun guddinaafi dagaagina afaanichaaf gahee guddaa akka qabu qorataan kun hubatee mata duree kanarratti qorannoo gaggeessee jira.

Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti gaaffileen bu'uuraa :

1. barreeffama xalayaalee hojii waajjiraalee mootummaa bul.mag. shaashaamannee rakkoolee akkam akkamii qabaa?
2. xalayaa hojii barreessuu keessatti hanqinni qubeessuu hojjettoota mootummaa bul.mag. shaashaamannee eessaa akka maddan eeruu
3. xalayaalee hojii barreessuu keessatti hanqinni qubeessuu hojjettoota mootummaa biratti mul`atan afaanicha rakkoo akkam akkamii irraan gahuu danda'uu
4. Rakkoo kanneen akkamitti maqsuun danda'ama? Kanneen jedhamaniidha.

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa qaaccessa rakkolee qubeessuu barreeffamoota xalayaalee hojii waajjiraalee mootummaa bul.mag. shashamannee keessatti Afaan Oromootiin barreeffamanii jiran qaaccessuudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa

Kaayyoon gooree qorannoo kanaammoo:

1. Barreeffama xalayaalee hojii waajjiraalee mootummaa Bulchiinsa Magaalaa.Shaashaamannee hanqina qubeessuu qabaachuu isaa adda baasuu
2. xalayaa hojii barreessuu keessatti hanqinni qubeessuu hojjettoota mootummaa eessaa akka maddan adda baasuu
3. xalayaalee hojii barreessuu keessatti hanqinni qubeessuu hojjettoota mootummaa biratti mul`atan guddina Afaan Oromoo irratti rakkoo akkamii fiduu akka danda'uu adda baasuu
4. rakkoolee xalayaalee keessatti uumaman maqsuuf tooftaalee jiran adda baasuu

## 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kunfaayidaalee adda addaa kennuu danda'a.

Faayidaalee kanneen keessaa:

- Waajjiraaleen mootummaa qorannoo kanatti fayyadamuun barreeffamoota xalayaa akka xiyyeeffannoon barreessan isaan taasisa.
- Ergaan karaa barreeffamaa darbu akka hin gufanne qaama qorannoo kana argee dubbisuuf daandii kan itti agarsiisu ta'a.
- Hoggantootni sadarkaa garaagaraa irra jiran namoota xalayaa barreessaniif leenjii hojiirraa akka kennan taasisa.
- Kanneen qorannoo mata duree kanaan walqabate geggeesuu barbaadaniif ka'umsa ta'uu danda'a

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun qaaccessa Xalayoota Waajjiroolee Mootummaa bulchiinsa magaalaa shaashamannee irraatti Kan Xiyyeeffate yommuu ta'u, xalayaalee bara 2011 keessa barreefamanii bahan irratti rakkoolee mul'atan sakatta'uurratti xiyyeeffata. Sababiin barri kun filatameef immoo qorannoon yeroo hojjetamu, haala wayitawaa yeroon gaafatu irratti yoo hojjetame gaarii jedhee waanan itti amaneeneef.

Qorannoon kun qaaccessa xalayaalee hojii waajjiraalee mootummaa Naannoo Oromiyaa Godina Arsii bulchiinsa magaalaa shaashamannee keessatti hojjetan irratti xiyyeeffata. Barreeffamoota xalayaalee hojii kana keessatti fayyadama afaanii ilaalchisee; rakkooleen ogummaa barreessuutiin walqabatan jiraachuufi dhibuu isaanii; rakkoolee mul`ataniif immoo madda isaanii karaa gadifageenya qabuun kan qaacceffamedha. Innis, xalayaalee waajjiraalee kanneen keessatti hojjettoota kanaan barreeffamanii gara waajjiraalee biraatti deeman sakatta'aniiru. Xalayaalee, fuula tokkoon dhiyaate kan bara 2011 keessa barreeffaman qofa irratti kan xiyyeeffatameedha.Waajjiraalee hundarratti osoo hojjetamee bu`aan argamu hedduu ture. Haata`u malee hanqina yeroorraan kan ka`e waajjiraalee saddeet keessaa xalayaalee 64 qofa sakkatta'uu irratti xiyyeeffta. Waajjiraaleen kunneenis:

1. Waajjira Konistraakshinii Bul.Mag.Shaashamannee.
2. Waajjira Dargaggoofi Ispoortii Bul.Mag.Shaashamannee.

3. Waajjira barnoota Bul.Mag.Shaashamannee

4.. Waajjira Siivil Sarvisii Bul.Mag.Shaashamannee.

.5. Waajjira Lafa Baadiyaafi Eegumsa Naannoo Bul.Mag.Shaashamannee.

6. Waajjira Qonnaa Bul.Mag.Shaashamannee.

7. Waajjira Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa Bul.Mag.Shaashamannee.

8. Waajjira Bishaanii fiAlbuuda bulchiinsa magaalaa shaashamannee

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Yommuu qorannoon kun gaggeeffamaa ture hanqinaalee adda addaatu qorataa mudataa ture. Kanneen keessaa hanqina guddaafi galma ga'insa qorannoo kanaa gufachiisuuf kanneen yaalan: dhibee Covid-19, hanqina baajataa, kitaabilee wabii gahaan dhibuu, barreeffamoota xalayaalee waajjiraalee mootummaa Bul.Magaalaa.Shaashamannee keessatti argaman kan dogoggora qubeessuu, seera malee qubguddeessatti fayyadamuu, akkaataa seera afaanichaatti sirna tuqaalee fayyadamuu dhiisuu, bakka galuu qabutti walqabsiistuu fayyadamuu dhiisuun mul'atanfi kkf qaban hunda bira ga'uun human qorataa ol ta'anii argamaniiru. Haata'u malee, hanqinni kun osoo jiruu qorataan kitaabotaafi barruulee Afaan Ingiliziitiin barreeffaman fayyadamuun,waraqaalee qorannoo mata-duree kana waliin walitti dhiyaatan dubbisuun hanqina kana keessa darbee qorannoon kun haala barbaadameen galma akka ga'u taasisee jira.

Haa ta'umalee, qorataan qaamolee ragaa irraa argachuu qabu qoranoo kanaaf bu'a qabeessa akka ta'e waan hubateef nuffiifi dadhabbii tokko malee ammaa amma deddeebi'uun qaama argachuu qabu argatee dubbisuun rakkoo isa mudate keessa darbee qorannoon kun haala barbaadameen akka gaggeeffamu taasisee jira.

## 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoqqoodamuun qindeeffamee jira. Boqonnaa isa duraa keessatti ariirrata qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, faayidaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi qindoomina qorannichaatu keessatti argama. Boqonnaa lammaffaa keessatti immoo sakatta'a barruutu bal'inaan dhiyaateera. Boqqonnaa sadaffaa keessatti, tooftaa qorannichaatu hammatameera. Innis, madda odeeffannoo, saxaxa qorannichaa, malleen odeeffannoo funaanuu, adeemsaafi mala odeeffannoon ittiin qaacceffamu of keessatti qabata. Boqonnaa afraffaa keessatti immoo odeeffannoowwan funaanamantu bakka itti qaacceffamaniifi hiikaman ta'a. Boqqonnaa isa

dhumaa keessatti gudunfaafi yaada furmaataatuu ka’ameera. Dhumarrattis, kitaabilee wabii, dabaleewwan akka odeeffannoo funaanuutti tajaajilanitu kaa’amaniiru.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaa kana jalatti Afaan Oromootiin xalayaa barreessuu keessatti rakkoo gama qubeessuu, mul'atan qaaccessuuf yaanni barreessitoota adda addaa keessatti haammatameera. Qabxiileen boqonnaa kana keessa jiranis akka itti aanutti kan dhiyaatan ta'e.

## 2.1.Maalummaa Barreessuu

Geetaachoo (2011), maalummaa barreessuu yoo ibsu, "Barreessuun qubeewwan yookiin mallattoolee uummanni irratti walii galetti fayyadamuudhaan waraqaa, dhagaa, sibiilaafi kan kana fakkaatan irratti qubeessuudhaan mala ergaan ittiin darbu kun barreessuu jedhama" jedha. Barreessuun aadaa, seenaa, firii saayinsiifi qaroomaa dhalootarraa gara dhalootaatti dabarsa. Adeemsa baruu barsiisuu ittiin gaggeessuuf, qu'annoofi qorannoo ittiin gaggeessuuf akkasumas, hojii ilma namaa hunda ittiin gaggeessuuf ibsuuf gargaara.

## 2.2. Maalummaa Qubeessuu

Qubeessuu irratti hayyoonniifi qorattoonni adda addaa yaada adda addaa kennaniiru. Bulloo(2008), maalummaa qubeessuu yommuu ibsu, "Qubeessuun tooftaa tartiiba qubeewwan fudhatama qabaniin jecha uumuu ykn jecha barreessuuti" jedha. Kana jechuun qubeessuun qubeewwan jecha tokko keessatti argaman akkaataa hawaasa bal'aa biratti hiika kennuu danda'utti walduraa duubaan tartiibessanii kaa'uu ta'a.

Saamu'eel(2010), Cristal (1987) wabeeffachuun, "Qubeessuu sirriin qubeen jecha yookiin jechoota barreessuu ta'ee, sagaleewwan qubichaa tartiiba hiika kennuu danda'uun kaa'uudha"jedha. Akka yaada kanaatti qubeewwan sagalee bakka bu'anii hiriiraniif jecha hiika qabeessa uumuu akka hin dandeenyedha. Kanaaf sagaleeleen jecha keessatti bakka hiika kennuu danda'anitti galuu qabu jechuudha.

Agnes(2004), maalummaa qubeessuu yommuu ibsu, "Qubeessuu jechuun qubee gargaaramuun jecha yookiin jechoota akkaataa seera afaanichaan bakka qubichi galuu qabu galchuun barreessuudha" jedha. Dabalees, qubeessuu jechuun qubee fayyadamuun karaa jechoonni akkaataa waliigaltee hunda biratti fudhatamaa ta'een kaa'uu yookiin barreessuudha(Collins 2001). Akka yaada kanaatti, qubeessuu jechuun qubee barbaachisuun tartiiba fudhatamaafi baramaa ta'een jecha barreessuu ta'a jechuudha.

Asafaa (2009), “Afaanichaan caalaatti barreessuun, oguma Oromoo qorachuufi qo’achuun caasaa barreeffama Afaan Oromoo qajeelcha, jechoota hora, seer/caas-luga illee gabbisa tumsa”jedha.

Samsonfi Weiner (1989), qubeessuu irratti yommuu hiika kennan ammoo , “*Spelling is manner of expressing or writing words with letters; orthography”* jedhu. Yaadni kunis, qubeessuu jechuun qubee fayyadamuun jecha barreessuu akka ta’e ibsu.

Kanaaf, sirni qubeessuu gaariin sirna barreeffamaa gaarii uumuudha. Kana jechuun, barreeffamni gaariin yaadaafi ergaa barreessaa haala barbaadameen akka darbu taasisa jechuudha. Kun ammoo, waaltina afaanichaaf ga’een taphatu guddaadha. Saamu’el(2010), Qubeessuun, ergaa darbuuf qofa osoo hintaane guddina afaanichaaf illee gumaacha akka qabu ibsa.

Farley (2015),*“Grammar requires correct spelling. Generally, words must be spelled correctly accordingly to the language used”* jedha. Yaada kanaraa akka hubannutti, seerlugni qubeessuu sirrii akka barbaachisuufi jechoonni akkaataa itti fayyadama afaan sanaatti akka barreeffamuu qaban ibsa. Dogoggorri, qubee hiika afaan tokkoo irratti dhiibbaa waan qabuuf, qubee dogoggoruun seera afaanii nicabsa jechuudha.

Walumaagalatti, yaadota armaan oliirraa kan hubatamu, dogoggora qubeessuu jechuun barreeffama keessatti seera afaanichaan ala qubee barbaachisu keessaa hambisuu, qubee hin barbaachifne itti dabaluufi bifa hintaaneen kaa’uun ergaan barreeffamichaa akka dabuufi seerri afaanichaas akka cabu gochuu kan danda’u ta’uu namatti agarsiisa . Kanamalees, bakka hin barbaachifnetti qubguddeessa fayyadamuun, hudhaa iddoo hin barbaachifne galchuun, irrabutaa akka malee barreessuun ergaan barreeffamichaa akka danqamu gochuun dogoggora qubeessuu jedhama. Kanaaf, ergaan barreeffama xalayaa tokkoo osoo hin harca’iin kallattiidhaan akka darbuuf osoo itti hin dabaliin ykn irraa hin hir’isiin seera barreeffama afaan sanaa eeganii ofeeggannoon barreessuun baay’ee barbaachisaadha.

## 2.3. Maalummaa xalayaa

Xalayaan karaa barreeffamaan walquunnamtiin ittiin geggeeffamu keessaa isa tokko. Xalayaa ilaalchisee Addunyaa(2014:158) akka ibsutti, “Maalummaan xalayaa inni guddaan namoota gidduutti walquunnamtii uumuudha. Walquunnamtiin kunis fageenyaafi dhiyeenya, bakkaafi yeroo irratti hundaa’uun kan geggeeffamuudha,”jedha. Akka yaada kanaatti daandii ittiin dhalli namaa ergaa isaa waliif dabarsu keessaa tokko ta’uu isaati. Akkasumas, maalummaa xalayaa ilaalchisee Robert(2004:3) akka ibsutti, “Letters that get your message across without the reader calling you for clarification, letters that persuade your readers to accept your point of view, or take the actions you want them to take. Letters that get you the results business you desire.In this part, we cover some rules and tools for effective letter writing,” jedha. Akka yaada hayyuu kanaarraa hubatamutti, xalayaan kan dubbisaa isaatiif salphaatti hubatamu, ergaa barreessaa qaama barbaadameen kan gahuufi dhimma barreeffameef sana ifa ta’ee kan raawwatu ta’uu akka qabuudha. Dabalataanis, yaaduma kana kan deeggaru Geetaachoo(2009:7) yoo ibsu, Barreessuun karaa yaada yookiin ergaa ittiin dabarfatan keessaa tokko ta’ee, “Waraqaarratti barreessuun nama dubbisee hubachuu danda’uuf dabarsuu jechuudha. Kana malees, barreessuun qubeewwan uumaman irratti hundaa’uun kanneen akka waraqaa, sibiila, dhagaafi kan kana fakkaatan irratti barreessuun dhaloota biroof mala ittiin ergaa dabarsuuti,” jedha.Yaada kana irraa hubachuun akka danda’amutti xalayaan ergaa barreessuun darbu keessaa isa tokko ta’uu isaati.

Xalayaan mala namoonni barreeffamaan ergaa ittiin waliif dabarsaniidha Geetaachoo, (2007, f.135). Xalayaan akaakuu garaagaraa qaba. Xalayaa dhuunfaa yookiin michuufi xalayaa hojiiti Tafarii, (1998, f. 233). Xalayaa dhuunfaa kan jedhamus, xalayaa dhimma dhuunfaa ilaalchisee firri firaaf, ollaan ollaaf, jaalalleen jaalalleef dhimmota adda addaa nagaa walgaafachuu, walaffeeruu, dhimma gaddaafi gammachuu walitti himuuf, waa’ee dhimma tokkoo yookiin naannoo tokkoo waliif qabaasuufi dhaamsa waliif dabarsuuf kan gargaarudha (f.234).

Xalayaa hojii kan jedhamummoo xalayaa dhimma hojii ilaalchisee namootarraa gara waajjiraatti barreeffamu, waajjirarraa gara namootaatti barreeffamu, waajjirarraa gara waajjiraatti barreeffamu ta’uu danda’a. Geetaachoo (2007, f. 136) dhimmonni xalayaan kun barreeffamuuf iyyata hojii, miseensa gumii tokko ta’uuf kan barreeffamu, xalayaan qacarrii, waa’ee sochii waajjira tokkoorratti ibsa gaafachuuf yookiin kolleejjii tokko keessa galanii

barachuuf barreeffamaan gaaffii yoo dhiyeessan barreeffamoonni akkasii barreeffama xalayaa hojii jedhama.

Xalayaan waajjiira tokko keessatti barreeffamu dogoggora garaagaraatin kan barreeffamu yoo ta'e, dubbistoota biratti haala gaariin dhaamsi isaa hubatamuu hin danda'u. Xalayaan barreeffamu tokko rakkoo qubeessuu yoo qabaate, dhaamsi xalayichaa haala barbaadameen hojiirra hin oolu. Waa'ee qubeessuu Geetaachoon (1992, f.6) yommuu ibsu, "Qubeessuun mallattoolee uummanni walii galteen fayyadamuun waraqaa, dhagaa, sibiilaafi kan kana fakkaatanirratti barreessuun mala ergaan ittiin darbu" jedha. Xalayaan barreeffamus hanqina qubeessuu qabataanaan dhaamsa sirrii dabarsa osoo hintaane waliigalteerratti danqaa fida. Akkasumas, xalayaan barreeffamu qubguddeessa qixa barbaadamuun yoo dhimma itti hin bahamne ta'e barreeffamichi seera afaan sanaa cabsee fudhatamummaa isaa gadi buusa.

Walumaagalatti, yaada barreessitoota armaan olirraa wanti hubatamu xalayaan rakkoolee qubeessuufi qubguddeessaan barreeffamu dhaamsa darburratti miidhaa fiduusaati. Dhaamsa bifa ifaa ta'een dabarsuuf qubeessuufi qubguddeessa bifa dogoggora hinqabneen fayyadamuun barbaachisaa ta'uusaati.

## 2.4.Qabiyee xalayaa

Dhimma hojii keessatti xalayaan tokko kaayyoo barbaadameef galmaan ga'uuf barreeffamuu qaba. Kaayyoon isaa kun qabiyyee xalayaa gama akaakuun jiru kan ofkeessatti haammatuudha. Bu'uuruma kanaan Addunyaa(2014:164) yeroo qoqqoodu, "Xalayaa deeggarsaa, akeekkachiisaa,waliigaltee,hayyama,galataa,beeksisaa,dhiifamaa,iyyaafannoo,badhaasaa,jijjiirraa,gaddaa,gorsaa, afeerraa, waamichaafi kanneen kana fakkaatan ta'u," jedha. Qabiyyeen xalayaa kun akaakuu kamiinuu haata'uu, haalli dhiyeenya xalayaa tokkoo saayinsii mataa isaa qaba.

Haaluma kanaan, qabiyyeen qaama xalayaa kan yaadni yookiin odeeffannoon gahaa waa'ee dhimmichaa dubbistootaaf keessatti kennamuudha. Yaaduma kana kan deeggaru, Misgaanuu (2011:76) yeroo ibsu, "Qabiyyeen dhaamsa barreeffamichaa ifa gochuuf yaadoleen keessatti dhiyaatan walii wajjin hojjechuufi odeeffannoo gahaa ta'e barreeffamichi qabaachuu isaa kan keessatti ilaalamuudha," jedha. Akka yaada kanaatti qabiyyeen xalayaa waajjiraalee ergaa barbaadamu sana dabarsuuf, saayinsii barreeffama afaan sanaa dogoggora irraa bilisa ta'etti

dhimma ba'uun kan irraa eegamu ta'uusaa agarsiisa.Yaaduma kanaan kan walqabate W.Ross(1988:272) yoo ibsu, "When writing a business letter, be clear and concise.Include all the necessary information,and write as briefly as you can. Use vocabulary and language that is suitable for the intended audience,"jedha.Akka yaada hayyuu kanaarraa hubannutti qabiyyeen xalayaa tokkoo qulqulluufi ifaa ta'uu akka qabu argina. Akkasumas,odeeffannoowwan mara ofkeessatti haammachuun karaa ifa ta'een jechootaafi afaan salphaatti hubatamu gargaaramuun ergaa sana dabarsuuf filatamaa ta'uu qaba.

## 2.5.Amaloota Xalayaa

Akka Robert (2004:7-14), ibsetti, "letter writing can result in letters, memos, and reports that gety our message across to the reader. Here are eight tips on style and word choice that can make writing clear and persuasive." Akka yaada hayyuu kanaatti, xalayaa, yaadannoofi gabaasa ergaa keenya dubbisaa keenya biraan nuuf gahu gaarii ta`e tokko barreessuuf beekumsi adeemsa xalayaa barreessuu qabaachuun bay`ee barbaachisaadha. Yaada kana ka`umsa godhachuudhaan qabxiilee hordofamuu qaban 8 (saddeet) kan xalayaa qulqullinaan barreessuuf gargaaran tarreessee jira:

### 2.5.1.Karaa ifaa Ta`een Barreessuu

Yaadaafi waan irratti xiyyeeffannee barreessaa jirru tokko haala irradeddeebii qabuun barreessuu utuu hinta`in karaa ifaa ta`eefi dubbisaa keenyaaf salphaatti hubatamuu danda`uun gargaaramnee barreessuun barbaachisaadha Robert (2004),. Barreeffamichi karaa nama bashannansiisuun yookiin ofittitti nama hawwatuun barreeffamuu qaba jechuudha.

### 2.5.2.Karaa Gababaan Barreessuu

Hojjettoonni waajjiraalee adda addaa keessaa hojjetan hanqina yeroo waan qabaniif xalayaan isaaniif barreeffamus gabaabaa ta`ee barreeffamuun barbaachisaadha Robert (2004),. Kana jechuun, ergaa barbaachisaa ta`e utuu keessaa hinhambisiin jechoota gaggabaaboo ta`anitti gargaaramuudhaan xalayaa karaa gabaabaa ta`een barreessuun akka danda`amu qabxiin kun nutti hima.

### 2.5.3. Sirna Barreeffamaa Eeguu

Barreeffama barreessinu keessati seera barreeffama afaanichaa eeguun barreessuun jabina barreessichaati. Barreessaan tokko xalayaa barreessu keessatti qubeessuu, sirna tuqaalee, qub-guddeessafi caasluga afaan sanaa hin eegne taanaan barreessaan xalayaa sanaa dogongoraadha

jedhama Robert (2004),. Kanaafuu, wayita barreessinu caasaa afaan barreeffama sanaa eeguun barbaachisaadha. Haalli kun garuu kan hinegamne taanaan ergaan barreeffama sanaa hafee hanqinni isaa ifatti kan mul`atu ta`a.

### 2.5.4. Jechoota Salphaa Fayyadamuu

Namoonni tokko tokko jechoota salphaatti hubachuun isaa nama rakkisanitti fayyadamuudhaan xalayoota isaanii barreessu. Kunimmoo, dogongora sababni isaas dubbisaan akka sodaatu kan taasisaniidha. Dubbisaan salphaatti hubachuu hindanda`u kanaafuu, jechoota namoota hunda biratti beekamoo ta`anitti gargaaramanii barreessuun filatamaadha.

### 2.5.5. Yaada Murta`aa irraa Gara Dimshaashaatti Barreessuu

Dubbisaan xalayaa yeroo dubbisu odeeffannoo barbaachisoo ta`an kanneen akka: qabatama jiruu, cuunfaa yaadaafi yaada furmaataa argachuuf dubbisa. Kanaafuu, wayita waa`ee dhimma tokko akkamitti gaarii yookiin gadhee, cimaa yookiin dadhabaa akka ta`e ibsinu kuni gaariidha yookiin gadheedha, kuni cimaadha yookiin dadhabaadha jedhuun hinbarbaachisu. Yeroo kamiyyuu yaada murtaawaa ta`e gargaaramuun dhimma sana ibsuun barbaachisaadha Robert (2004),. Ciminaafi dadhabina eeruu barbaadame ifatti kaa`uuf gahee guddaa qaba jechuudha.

### 2.5.6. Keeyyata Gaggabaabaatti Qoqqooduun Barreessuu

Xalayaa utuu keeyyataan gargagar hinqoodin barreessuun dubbisaan akka nuffu kan taasisuudha. Garuu, gaggaabaabsanii keeyyataan barreessuun salphaatti akka dubbisaniif kaka`umsa uuma. Kanumaan walqabatee, yaada himoota dhedheeroo keessa jiran hubachuurra kanneen himoota gaggabaaboo keessa jiran hubachuun bay`ee salphaadha Robert (2004),. Kana gochuudhaaf immoo himoota hafuura tokkoon dubbifamanitti gargaaramuun filatamaadha.

## 2.6. Barreeffama Xalayaalee Keessatti wantoota xiyyeeffatamuu qaban

Barreeffama xalayaalee Afaan Oromootiin barreeffamuun walqabatee barreeffaman keessatti wantootni xiyyeeffatamuu qaban hedduutu jiru. Isaanis walduraa duubaan haa ilaallu.. barreeffama xalayaa keessaa gosa garaagaraatti qooduudhaaf wantoonni qabatamoo ta’an rakkoolee Qubeessuu, Qubguddeessatti, Akkaataa seera afaanii eeganii itti fayyadaman, sirna tuqaalee, walqabsiistuu fayyadamuu xiyyeeffannoo qorannoo kanaati.

### 2.6.1. Qubeessuu

Akka seera Afaan Oromootti sagaleefi sagaleen walitti dhufuun jecha uumu, jechiifi jechi immoo walitti dhufuun hima uumuu, akkasumas himaafi himni walitti dhufuun keeyyata uumu. Yaaduma kana kan dhugoomsu Barbe (1982), Hodgesfi Hanna wabeeffachuun waa'ee qubeessuu yeroo ibsam, "spelling is the process of encoding or of rendering spoken words into written symbol" jedha. Haaluma walfakkaatuun innumti (1982:33) Bruecknerfi Bond wabeeffachuudhaan maalummaa qubeessuu, 'spelling as ability to produce in written or oral form the correct letter arrangement of words" jedhu. Ergaa yaadota armaan olii kanarraa wanti hubatamu, tokkoffaa qubeessuu jechuun adeemsa jechoota dubbataan mallattoo fayyadamee gara barreeffamaatti jijjiiruuti. Akka yaada lammaffaatti qubeessuu jechuun dandeettii jechoota barreeffamaan yookiin afaaniin tartiiba eeganii unka jechoota sirrii ta'een qindeessuu akka ta'e dabarsa.

Unkaafi qabiyyeen xalayaa tokkoo, haalli qindoomina isaa sirriitti to'atamuufi baratamaa ta'uu qaba. Kun immoo, haala dubbisaadhaaf ifa ta'uun barreessuudha. Kana jechuunis, barreessuun beekumsa qabiyyee barreeffamuufi qindoomina yaadaa waan barbaaduuf hanqinni beekumsa qabiyyee rakkoo barreessuuf wantoota dhiibbaa fidan ta'uu isaa bal'inaan kan mul'atuudha. Yaaduma kanaan kan walqabate Glencoe(2001:828)yoo ibsu,"One of your goals as writer is it communicate your ideas clearly to your audiencies. If your writing is filled with misspelled words your ideas may be lost,"jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, kaayyoon barreessaa tokkoo ergaa dabarsuu barbaade sana bifa ifa ta'een dubbisaa isaaf dabarsuudha.

Walumaagalatti barreeffama armaan olii kanarraa ka'uudhaan qubeessuun dandeettii barreeffama keessatti tartiiba sirrii ta'een qubeelee jechoota keessatti qindeessuu akka ta'e hubachuun nidanda'ama. Dogoggorri qubeessuu gama dubbachiiftotaatiin kan uumamuu danda'u yommuu dubbachiiftota dheerachuu qaban gabaabsaniifi isaan gabaabbachuu qaban dheeressanii qubeessanidha. Kana malees, dogoggorri qubeessuu karaa dubbifamtootaatiin jiru kan uumamuu danda'u yommuu sagalee dubbifamaa laafuu malu jabeessaniifi kan jabaachuu qaban immoo laaffisaniidha.

***Dubbachiiftotaa Qubeessuu*** :-Afaan Oromoo keessatti qubeewwan dubbachiiftuu warri bu'uuraa lakkoofsaan shan (5) ta'u. Yeroo dheeratan dacha waan ta'aniif walitti kudhan ta'u.

Jechoota qubeessuu keessatti dubbachiiftota kanneen dheeressuufi gabaabsuun hiika adda addaa akka uumu taasisa Geetaachoo, (2007; f.26) jedha.

Gabaabsuu:-Sagalee gabaabaa kan jedhamu dubbachiiftota qeenxee kan of keessaa qabu yoo ta'u, jecha sagalee gabaabaa qabu dubbisuuf yeroo gargaaramnu jecha sagalee dheeraa qabu dubbisuuf yeroo fayyadamnurra ni gabaabbata Geetaachoo, (2007, f.27).Itti dabalees, Sanbatoofi Tasfaayee (1993, f.18) waa'ee dheerinaafi gabaabbina dubbachiiftuu ilaalchisee qabxiilee kanaa gadii kaa'anii jiru.

Dheeressuu :-Sagaleen dheeraanimmoo dubbachiiftonni gosti tokko lama ta'anii yommuu walfaana qubeeffamaniidha Geetaachoo (2007, ff. 26-28). Yeroo nuti sagalee dheeraa dubbisuuf itti gargaaramnu, yeroo sagalee gabaabaa dubbisuuf itti fayyadamnurra nidheerata. Rakkoon qubeessuu Afaan Oromoo keessatti yeroo mul'atu, sagalee dheeraafi sagalee gabaabaa seeraan xiyyeeffatanii qubeessuu dadhabuudha. Kunis, isa gabaabbachuu qabu dheeressuu isa dheerachuu qabummoo gabaabsuun kan uumamuudha.

Dubbifamaa qubeessuu :-Afaan Oromoo keessatti dubbifamaan dhaamsaga ergisaa osoo hin dabalatin lakkoofsan digdamii afur (24) akka ta'e Geetaachoo (2007, f.13)fi Tafarii (1998, f.12) ibsanii jiru. Tilahun, (1995, f.1), Abarraafi kawwaan (1998, f.10) jechoota dubbifamtoota adda addaa jabeessaniifi laafisanii yommuu qubeessan jijjiirama hiikaa fidu yookiin jecha tokko hiika dhabsiisuu danda'a. Akkuma dubbachiiftonni Afaan Oromoo dheerachuufi gabaabbachuu danda'an, dubbifamtoonnimmoo jabaachuufi laafuu danda'u. Kunis, yeroo tokko ta'u laafaafi yeroo lama ta'u jabaa jedhama.

Jabeessuu:-Barreessitoonni dogoggora qubeessuu uumu wantoota nama jechisiisan keessaa tokko yommuu qubee jabaachuu malu laaffisaniifi qubee laafuu jabeessaniidha Geetaachoo (2007, f.27). Dogoggorri akkanaa kun jijjiirama hiikaa fida. Sababa dubbifamaan tokko itti dabalamuutiin yookiin keessaa hir'achuutiin jechoonni hiika jijjiirrachuu danda'u.

Laaffisuu :-Sagaleen laafaa kan dubbifamtoota wajjin walqabatu ta'ee dubbifamaan qeenxeen tokko yommuu dubbachiiftuu waliin walitti dhufe sagaleen uumamu sagalee laafaa jedhama Tilahuun, (1995, f.30, Balaay, (2003, f. 9) jedhanii ibsanii jiru. Fakkeenyaaf, samuu ,guba, eeboofi kkf

Irrabutaa:-Qubeessuu keessatti qabxiilee xiyyeeffatamuu qaban keessaa tokko irrabutaadha. Waa'ee irrabutaa ilaalchisee Tafarii, (1998, f.29) yoo ibsu akkas jedha:

Irrabutaan kan uumamu yeroo dhamsagni dubbifamaa akaakuu garaagaraa lama jecha tokko keessatti walitti aananii dhufan kan uumamuudha. Dubbifamtoonni otoo dubbachiiftuu of gidduu hin galchin walhordofuu kan danda'an gidduutti duwwaadha. Kana jechuun jalqabaafi dhuma jechaarratti wal hordofuu hindanda'u jechuudha. Kana malees, Afaan Oromoo keessatti dubbifamtoonni gosa adda addaa lamaa ol walfaana galuu hindanda'an.

Sanbatoofi Tasfaayee (1993, f.19) sagaleen tokko tokko osoo dubbachiiftuu ofitti hin fudhatiin irrabutamee hafa jedhu. Fakkeenyaaf, harma, harka, ilma jechoota jedhaman keessaa r-m, r-k, l-m gidduutii qubeen /i/ irra utaalamee kan barreeffame ta'u hubanna. Sagaleewwan lamaan irrabuta uuman gidduutti wanti irra butamee darbe nimul'ata. Innis sagalee dubbachiiftuu /i/dha. Kana malees, Geetaachoo (2007, f.28) sagaleen dubbachiiftuu jalqabaafi xumura jechaarratti irrabutamuu hindanda'u jedha. Dogoggorri karaa irrabutaa uumamu inni guddaan dhaamsaga /i/ saaguudhaanidha.

Qubee Dachaa Qubeessuu :-Akka Geetaachoo (2006) jedhutti dubbifamtoonni gosa armaan olii kun yommuu laafanis ta'e yommuu jabaatan seerri qubeeffamaa hin jijjiiramu. Qubee dacha yeroo barreessan namoonni xalayaa barreessan dogoggora uumuu danda'u. keessattuu, qubee dacha jabeesssaniifi laaffisanii barreessun galumsarratti waan hundaa'uuf rakkisaadha. Haala sagaleessuu isaanii addaan baafatamuu kan danda'u gahumsa isaanii ilaaluudhaan.

Qubguddeessatti Dhimma Bahuu :-Jechi qubguddeesa jedhu jechoota qubeefi guddaa jedhamanirraa kan uumameedha. Innis, barreeffama keessatti tajaajila adda addaa kenna. Tajaajila isaa keessaa maqaaleen waamamsaa (maqaan namootaa, biyyaa, magaalaa) sabaafi sablammii, gaarreenii, laggeeniifi kkf ittiin jalqabuuf kan ooludha. Fakkeenyaaf, Oromiyaa, Finfineefi kkf (Geetaachoo, 2006, ff. 163-165) ibseera. Haa ta'u malee, namoonni itti fayyadama qubguddeessaa kanarratti dogoggora guddaa uumu. Kunis, qubee guddaafi xixiqqaa iddoo maleetti fayyadamuudhaanidha.

Barreeffama garaagaraa keessatti maqaaleen paartii siyaasaa, qaama murtaawaa mootummaa, biirooleefi manneen hojii mootummaa, dhaabbattootaafi waldoota garee adda addaa qubee

guddaatiin eegalamu Tafarii, (1998). Akka yaadni kun ibsutti maqaaleen paartii siyaasaa, dhaabbattootaafi waldaalee adda addaa qubee guddaan eegalamuun barreeffamu.

Fakkeenyaaf, Waldaa Qaxxaamura Diimaa

Qajeelcha Faayinaansii Godina Arsii Lixaa

Maqaaleen taa'umsa ji'oograafii, maqaaleen biyyootaa, gandootaa, naannoolee barreeffama keessatti qubee guddaan eegalamu Geetaachoo (2007, f.164) jedha. Akka yaada kanarraa hubatamutti maqaaleen biyyoota adda addaa qubee guddaan eegalamanii barreeffamuu akka qaban ibsa. Ta'us, namoonni tokko tokko qubguddeessa yeroo dogoggoran itti fayyadaman ni mul'ata Achuma kitaabicha keessatti waa'een qubguddeessaa yoo ibsu, jalqabni himaa, bo'oo walaloo barreeffama keessatti qubee guddaan eegalamu jedha (f.164). Barreeffama xalayaas ta'ee, barreeffamoota garaagaraa kamiyyuu keessatti, akkasumas bo'oon walaloo hundi qubee guddaan eegalamuu qabu.

Maqaaleen sabaafi sablammootaa, amantiilee isaanii, afaanota isaanii qubee guddaan eegalamuu akka qaban Argaw (2007, f.39) ibsee jira. Akka yaadni kun ibsutti maqaaleen sabaafi sablammoota biyyoota addunyaa keessa jiran marti qubee guddaan eegalamanii barreeffamuu qabu kan jedhu ibsa. Akkasumas, afaanonni addunyaa kanarratti dubbatamaniifi amantiileen waaqeffaman qubee guddaan eegalamuu qabu.

Kallattiileen jiran, maqaan guyyoota torbanii, maqaaleen baatilee waggaa yeroo barreeffama garaagaraa keessa galanii barreeffaman qubee guddaan eegalamanii barreeffamuu akka qaban Tafarii (1998, f.154) ibseera. Yaada kanarraa kan hubatamu barreeffama barreeffamu keessatti maqaaleen dhuunfaa kamiyyuu qubee guddaan eegalamuu qabu. Qubee guddaan yoo eegalamuu baatan seera afaanichaa cabsanii mul'atu.Walumaagalatti qabxiilee armaan olitti ka'an keessatti qubee guddaa seeraan yoo fayyadaman dhaamsa dabarfachuu barbaadan haala gaarii ta'een dabarsuu danda'a. Barreeffama xalayaalee keessattis dogoggorri kun hundi yoo maqfame dhaamsa xalayaa sanaa galmaan gaha. Akkasumas seera itti fayyadama Afaan Oromoos cabsuurraa nama qusata

### 2.6.2. Sirna Tuqaalee/punctuation/

Sirni tuqaalee maallatoolee jechaa ykn barreeffama Afaan Oromoo keessatti galanidha,Geetachoo (2014). sirni tuqaalee gosoota hedduu qabu. Isaan keessa muraasni; tuq-lamee,tuqaa,qoodduu,mallattoo waraabbii, sarara xiqaa, buufata xiqaa/semicolom/ ,mallattoo raajeffannooti,Geetachooo(2014:156)

Tuqaa(full stop):-Tuqaan barreeffama keessatti tajaajiloota hedduu qaba.isaanis

a. Yaadni tokko xumuramuu kan agarsiisudha. Fkn,Tolaan Laaqana nyaate.
b. Kottoonfachiiftuu agarsiisuuf gala. Fkn, lakkoofsa: Lakk.
c. Gabaajee agarsiisuuf gala: lakkoofsa saanduqa poostaa:L.S.P
d. Mataduree xiqaa isa guddaa irraa adda baasuuf:

1.seenaa oromoo

1.1.seenaa Gadaa

1.2.seena uummataa.

e. heerega keessatti lakkoofsa guutuufi haftee adda baasuuf.

maallattoo Gaaffii(quastion mark:-

A.Hima tokko akkuma jirutti gara gaaffitti jijjiiruuf gala. Fkn I,Tolaan Mana barumsaa dhufee? II, Galataan gabaa dhaqee?

B. waan barreessinu tokko waggaasaa kan shakkinu yoo ta'e cufaa keessatti mallattoo waraabbii keessa galchina. Fkn,Jeneraal Taaddasaa Birruu bara 1921 dhalattee bara 1975(?) du'e.

Tuq-lamee/colon(:) Tuq-lameen hima keessatti wantoota barreeffamanii dhufan dura gala.fkn:manni wantoota addaa addaarraa ijaarama:muka, citaa,cirracha,dhoqqeefi kkf dha. Tuqaleen akkasii kun immoo bakka isaanii eeggatanii yoo kan hin barreeffamne ta'e xalayaa barreeffamu ergaa isaa dhama waan dhabsiisuuf, yeroo xalayaa barreessinu ofeeggannoo guddaa taasisuun dirqama ta'a.

Buufata xiqqaa/semicolon/:-Buufanni xiqqaan himoota dheerina caasaa himaatiin, akkasumas yeroo dhaan walmadaalan gidduu galuun akka hima tokko ta'an taasisa Geetachoo (2014:156) xalayaas ta'e barreeffamoota kanneen biro yeroo barreessinu offeeggannoo guddaa nuti

taasisuu qabnu keessa tokko mallattoolee kanneenidha.Fkn:Barsiisaan ni barsiisa; Barattoonni ni baratu.

Sarara xiqqaa/hyphen/(-):-Sararri xiqqaan jechoota tishoo lama addaan qooduu fi bo'oohima tokkoo irraa gara bo'oo hima biraatti ce'uuf nu fayyada. barreeffamoota kanneen biro yeroo barreessinu offeeggannoo guddaa nuti taasisuu qabnu keessa tokko mallattoolee kanneenidha.Fkn:Barsiisaan ni barsiisa; Barattoonni ni baratu.Fkn:mata+duree= mata-duree

Mallattoo waraabbii/quotation mark/("):-Mallattoon warabbii haasaa nama tokko akkuma jirutti gabaasuuf.fkn:osuma waliin taphannuu"I ,love you jettee na dhungattee"

### 2.6. 3. Walqabsiistota.

Walqabsiistonni barreeffama keessatti jechaafi jecha,gaaleefi gaalee,cirooficiroo,himaafi hima walitti hidhuuf tajaajila kennu,Geetachoo(2014:110).yaada kanaa irraa kan hubannu barreeffama barreessinu keessatti walqabsiistonnii gahee olaanaa taphatu jechuudha.walqabsiistonni ofdanda'oo ta'an barreeffama keessatti jechoota, himoota,gaalewwan sadarkaan isaanii tokko ta'e walqabsiisuuf yoo tajaajilan, walqabsiistonni hirkattuu ta'an immoo caaseffama hima xaxamaa keessatti ciroo hirkataa fi ciroo of danda'aa walqabsiisuuf gargaara.Geetachoo(2014:110-112).

## 2.7. Caasaa Afaan Oromoo

Caasaan Afaan Oromoo akkaataa dubbatamu sana hin barreeffamu taanaan jechoonni quubeeffaman hiikaa dhabuu yookiin hiiknisaanii jijjiiramuu waan danda‟uuf, ergaa darbu nigufachiisu. Akkasumas namoota seera afaaanichaa beekan biratti hubatamuu dhiisuu danda‟a. Kana ilaalchisee Addunyaa (2010:Vii) yoo ibsu, "Barreessitoonniifi hojjettoonni waajjiroolee mootummaa, caasaa Afaan Oromootti fayyadamuurratti hanqina qabu. Hanqinni caasaammoo ergaa darbusana gaaga'a" jedha.

Sadarkaalee hundattuu caasaan afaan tokkoo maqnaan, ergaan darbuu barbaadame qixa barbaadameen darbuu hin danda'u. Kunammoo, walqunnamtii gufachiisa. Kanaafuu beekumsaafi itti fayyadama caasaa afaanii gadi fageeenyaan qabaachuun beektota sadarkaa kamiifuu barbaachisaadha. Crystal, (1997) duraaaduuba jechootaa ilaalchiisee yoo ibsu, "In comparing word order across languages,it is important to appreciate that what is being

compared is the basic or favorites pattern found in each language," jedha. Yaada kanarraa kan hubachuun danda‟amu duraaduubni jechootaa afaan adda addaa keessatti akkaataa tajaajilaafi hiikaa kennuun ilaalamuu akka qabu hubanna.

Harmer,(1987) "Caasaa afaanii tokkoof jechootni bu‟ura waan hundaati. Kana jechuun namni tokko adeemsa walquunnamtii keessatti jechoota sirrii ta'an haala sirrii ta'e keessatti yoo fayyadame malee ergaa barbaade dabarfachuuf rakkisaa ta'a jedha.Dabalataanis Carterfi Carthy (1988)fi Tylor (1990) jechoota hubachuu jechuun dandettii hiika isaanii beekuu,haala keessatti fayyadamuu danda'an adda baafachuu,hiikawwan garaagaraa jechi tokko qabaachuu danda'u xiinxaluu,looga garaagaraa beekuu,jechoota waliin deemuu danda'an adda baasuu,uunka garaagaraa jechi tokko qabaachuu danda'u beekuufi wkfdha. xalayaalee Afaan Oromoo keessatti rakkoowwan muul'atan keessaa tokko kan caasaati.Akkuma afaanota biroo seera caasaa mataa isaa to'atu qaba.Abarraa,(1998) "Afaan kamiiyyuu caasaa/seera/ of danda'e qaba. Caaseffama himaa ilaalchisee, Andrew, Redfordiif kan biroo (2009:257) yoo ibsan "Words are combined to form phrases, phrases are combined to form sentences" jechuudhaan ibsan.Yaada hayyootaa kanarraa kan hubatamu,caasaaleen afaanii akkaatuma duraa dubummaafi irraa jalummaa isaanin walitti dhufuudhaan caasaa isaanirra guddaa tokko ijaaruu akka danda'aniidha. Atkins (1995:32) Caaslugni afaan tokkoo akka sirna caasaa xiinhimaa (system of rule syntactic) kan tartiiba jechoonni walitti dhufanii himoota sirrii ta'an ittiin ijaaran yoo ta'u,akka isa ammayyaatti tartiiba jechootaa, hiika isaafi haala (pragmatics) keessatti uummamu kan of keessaa qabuudha. Kana ilaalchisee Asafaa (2009:17) yoo ibsu "Afaan tokkoon barreessuun ogummaa afaanichaa qorachuufi qo'achuun caasaa barrfeeffama afaanichaa qajeelcha,jechoonni akka horan taasisa, caasluga gabbisa,waltina ni tumsa"jedha.Akka yaada hayyuu kanaatti bu'uurri afaan tokkoo qubee mataa isaa qabaachuu akka ta'eefi sagaleeleen kun sirnaan qindaa'uun caasaa afaanii xiqqaa hanga guddaa ijaaruu keessatti qooda qabaachuu isaanii hubachiisa. Caaslugni seera caasaa afaan tokkoo caasaa dhamsagaa,birsagaa jechaa,gaalee, himaafi wkf) kan to'atuudha.Haala kanaan duraa duubummaa,irraa jalummaa, walhammannaa kennataa ta‟uufi dhiisuun isaa caasaa afaan tokkoo irratti xiyyeeffata. seeronni caasaalee afaan tokko ilaallatan ni jiru.Seerota kana beekuun immoo qorannoo afaan tokkootiif wiirtuudha.Afaan Oromoo yaada qofa osoo hin taane ,eenyummaa isaa ibsachuuf immoo beekumsi caasaa afaan isaa murteessadha.Gumaachi

beekumsi caasaan afaanichaa taasisu keessaa guddina ogummaa afaanichaatiif,qorannoo gadi fageenyaa afaanicharrattgi geggeessuufi wkf (Addunyaa,2010).

## 2.8.Maddoota Hanqinaalee Xalayaa Waajjiraalee Mootummaa

Maddi hanqinaalee dogoggora altokkotti uumame sirreessuu irra akkuma waan sirrii ta'etti yeroo bifa dhaabbataan gargaaramaniidha (Brown,1994). Itti dabalees,madda hanqina barreessuu irratti, Fergus (1983:3) yoo ibsu, "We have poor study habits and we are careless. We miss pronounce words, we fail to enunciate clearly. we do not use our eyes and ears to discriminate. We may add or omit syllables,"jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti dhibaa'ummaan barreessuu, yeroo jecha barreessan dogoggoraan sagaleessuu, ijaafi gurra keenyaan gargaaramnee waan barreessinu sana gargar baasaa adeemuu dhabuudha. Akkasumas, qubee yookiin birsaga ittidabaluu yookiin irraa hir'isuun dogoggora barreessuu kanaaf madda akka ta'etti ibsa. Ulaagaan kun xalayaa waajjiraalee keessatti yoo ilaalaman iddoo guddaa kan qaban ta'anii mul'atu. Sababni isaas, Afaan Oromoo keessatti qubee tokko itti dabaluu yookiin irraa hir'isuun hiika jecha sanaa jijjiiruun ergaan barbaadame hanqina akka uumu taasisa. Egaa yeroo ammaa kana xalayaa waajjiraalee mootummaa yoo ilaalle, dogoggorri kun baay'achuun dhimma xiyyeeffannoo addaa barbaadan ta'anii mul'ataniiru.Yaada kana irratti xiyyeeffachuun beektotni yaada garaagaraa barreeffama irratti dhiyeessu.Isaanis:

### 2.8.1.Hir'ina Shaakala Taasisuu

Hir'inni shaakala barreeffamaa maddoota hanqinaalee xalayaa waajjiraalee barreessuu keessaa isa tokkoodha. Sababni isaas, barreessuun dandeettii yeroo tokkotti gonfatamu utuu hintaane, dhimma shaakala barbaadu akka ta'eedha. Hayyootni Hall and Birkerts (1991) akka ibsanitti, barreessuun dandeettiiwwan afaanii keessaa tokko akka ta'e kaa'u. Dandeettiin kunis irra deddeebi'anii shaakaluun fooyyeffachuun dhimma danda'amu ta'uu isaati. Kanaafuu, maddi hanqinaalee xalayaa waajjiraalee hir'ina shaakala taasisuu akka ta'e hubanna.

### 2.8.2.Hanqina Ga'umsaa

Hanqinni ga'umsaa namni tokko afaanuma ittiin barreessu sana irratti ga'umsa utuu hinqabaatin yeroo inni hojii ittiin hojjetu kan mul'ataniidha. Norrish (1983:8), hanqinni ga'umsaa wantoota barreessuu irratti dhiibbaa fidan keessaa tokko akka ta'e ibsa. Egaa xalayaan waajjiraalees yeroo baay'ee hanqina kanaan kan walqabatanii uumaman ta'uu isaanii

tilmaamuun nama hinrakkisu. Caasaan barreeffama Afaan Oromoo akkaataa dubbatamuun hinbarreeffamu taanaan jechoonni qubeeffaman hiika dhabuu yookiin hiikni isaanii jijjiiramuu waan danda'uuf, ergaa darbu nigufachiisa. Akkasumas, namoota seera afaanichaa beekan biratti hubatamuu dhiisuu danda'a. Kana ilaalchisee Addunyaa (2010:7) yoo ibsu, "Barreessitoonniifi hojjettoonni waajjiraalee mootummaa, caasaa Afaan Oromootti fayyadamuu irratti hanqina qabu. Hanqinni caasaa ammoo ergaa darbu sana gaaga'a"jedha. Caasaan afaan tokkoo dabnaan ergaan darbuu barbaadame qixa barbaadameen darbuu hindanda'u. Kanaafuu, madda hanqina ga'umsaa ta'anii kan calaqqisan afaan biroon baratanii Afaan Oromoon barreessuu, muuxannoo hojii birootiin sadarkaa olaanaa irraa hojjechuun yeroo walquunnamtii hojii taasisan maddoota hanqinaalee xalayaa waajjiraalee mootummaa keessatti warreen haammataman akka ta'an argina.

### 2.8.3.Hanqina Xiyyeeffannoo

Hanqinni qubeessuu qabiyyee barreeffamichaa hubachuuf dubbistoota kan danqu ta'uufi akka xiyyeeffannoo dhabuutti kan fudhatamu ta'uu Rosa fi warri biroo(1996) akka ibsanitti, "Poor spelling distract the reader from the content of your writing and gives a general impression of carelessness,"jedhu. Waajjiraaleen afaan tokkoffaa isaaniitiin xalayaa yeroo barreessan dhimma barreessuuf barbaadan sana sammuu isaaniitti qabachuun kan barreessan qofa ta'a.Yeroo kana godhan xiyyeeffannoon isaanii qubeessuu jechoota sanaa utuu hintaane ergaa barbaadame sana qofa kan tilmaaman ta'a. Kanaafuu, xalayaa barreessinu keessatti seera barreeffama afaanichaaf xiyyeeffannoo kennuun jabina. Xalayaa barreessuu keessatti sirna tuqaalee, qub-guddeessa, qubeessaafi caasluga afaan sanaaf xiyyeeffannoon hingodhamne taanaan ergaan darbu sun dogongora isaatu mul'ata. W.Ross(1988:270) xiyyeeffannoo xalayaa waajjiraaleef taasifamuu qabu ilaalchisee yoo ibsu, "Before you begin to write a business letter, it is a good idea to think about what you want to say,"jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, xalayaa hojii yeroo barreessinu dursinee akka itti yaaduu qabnu kan nu agarsiisuudha. Yoo kana ta'uu baate garuu, wanta irratti xiyyeeffatamuu qabu karaa gabaabaa ta'een barreessuu dhabuufi dhugummaa jiruun walqabsiisuun barreessuu dhabuun ijoo ergaa sanaa balleessuudhaan hanqinaaleen xiyyeeffannoo xalayichaa akka saaxila bahu ta'a.

### 2.8.4.Hanqina Muuxannoo

waajjiraaleen mootummaa adeemsa hojii isaanii guyyaa guyyaan walqabate ibsuuf, odeeffannoo sirrii argachuufi dabarsuuf yookaan qajeeltoowwan jiran raawwachuuf

muuxannoon xalayaalee barreessuu ijoo ta'uu isaati.Akka Robert (2004:3) ibsutti " Letters that get your message across without the reader calling you for clarification.Letters that persuade your readers to accept your point of view, or take the actions you want them to take," jedha.Akka yaada kanarraa hubatamutti, namni tokko xalayaalee waajjiraalee kan dubbisaa isaaf salphaatti hubatamuufi dhimma barreeffameef kan raawwatu barreessuu qaba. Kana gochuuf immoo, muuxannoon xalayaalee barreessuu iddoo olaanaa kan qabu ta'uusaati.

## 2.9.Miidhaa Hanqina Xalayaalee Waajjiraalee Mootummaan Dhufu

Namni tokko caasaafi seera afaan tokkoo utuu hinhubatiniifi sirriitti hinbeekin yeroo ittiin hojjetu afaanicha irratti rakkoon waliigaltee uumamaa akka deemuuf daandii saaqa. Miidhaan hanqina waliigalteen dhufu ilaalchisee Misgaanuu (2011:7) yoo ibsu, "Dubbataan ergaan darbuuf akka hinhubanne, hiika akka itti hinlaanne taasisuufi waliigaltee kan dhorkuudha. Beekumsa jechootaa dhabuu, itti fayyadama fufiileefi bakka maqaa seeraan ala qubeeffaman irraa kan madduudha,"jedha. Yaada kana irraa kan hubatamu, seera dhabdummaa barreeffamaa irraan kan ka'e rakkoowwan kun gufannaa hojii tokko irratti kan uuman akka ta'an ifatti mul'atu. Haalli kun immoo gara fuulduraatti kan itti fufu yoo ta'e, mala afaan kanaan walquunnamanii ergaa dabarfachuu irratti rakkoo walxaxaa kan uumu ta'a.

Walquunnamtiin xalayaan taasifamu rakkoo keessa galchuun, abbaan dhimmaa yeroo dubbisu hubachuu dhabuu irraan kan ka'e odeeffannoo dogoggoraa akka qabaatu nitaasisa. Kanaafuu, abbaan dhimmaa ergaa barreeffama sanaa hubachuuf kan isa dandeessisu achumaa argachuu akka qabuudha (Norrish,1983). Kana jechuun barreeffamni tokko ergaa ofkeessatti qabate sana dubbisaa isaaf ifa taasisuu danda'uu qaba. Hanqinaaleen barreeffamaa jiraannaan garuu, haalli kun akka ta'uu hindandeenye agarsiisa. Afaan Oromoo keessatti qubeen tokko jecha barreeffamuuf barbaadame sanaaf baay'ee murteessaadha. Sababni isaas, qubeen tokko sagalee tokko bakka waan bu'uuf jijjiiramni wayii jiraannaan dhiibbaa fiduu danda'a. Kanaafuu, qubeen tokko jecha barreeffamu keessaa hafnaan,ittidabalamnaan yookiin dogongorri tokko uumamnaan rakkoo cimaa ergaa darbu sana irratti fiduu danda'a. Kunis, akkaataa humnaafi murteessummaa jechichi galumsa sana keessatti qaburratti hundaa'uun ergaa akka darbuuf yaadame sana kallattii irraa maqsuun humna dhabsiisuu yookiin hiika ergichaa dhabamsiisuu mala.

Hanqinni yeroo ammaa kana xalayaa irratti mul'atu, oolee bulee hawaasa afaan kanaa keessatti rakkoo hamaa qaqqabsiisuu mala. Hanqinni mul'ate hinsirraa'u taanaan turtii keessa akka waan sirrii ta'eetti qaama afaanichaa godhanii fudhachuutu dhufa. Hanqinni haala kanaan dhufe immoo adeemsa keessa iddoo galee tajaajilu maratti rakkisaa ta'ee kan mul'atu ta'uu mala. Haalli kun immoo, rakkoo dogongora qubeessuu walxaxaafi sirraa'uuf rakkisaa ta'e fida (Gefvert,1988). Rakkoon kun hawaasa keessatti babal'achaa yoo deeme, beekumsaafi bu'aa ergaa argamuu nigufachiisa.

Dogoggorri barreessuu jecha tokko irra jiru hiika hima keessa jiru sana dogoggorsuu danda'a (Norrish,1983). Kun immoo, barreeffamichi wanta biroon gaarii ta'ee utuu jiruu, sababa hanqina barreessuu fudhatama akka dhabu ta'a (Kelly,1998:391). Miidhaan hanqina kanaan dhufu kana duwwaa utuu hintaane, haala barreeffama keessatti argamu guutummaa isaa jijjiiruu mala (Hodge,2009). Akkuma beekamu namni tokko xalayaa waajjiraalee kan dubbisaa isaaf salphaatti hubatamu, kan yaada barreessaa dubbisaa biraan ga'u, akkasumas, dhimma barreeffameef kan raawwatu barreessuu qaba. Kana gochuuf immoo, seera barreeffama afaan sanaa beekuu qaba. Kun hamma hintaanetti, gufannaa hojii waajjiraalee ta'ee mul'achuu isaati.

Walumaagalatti, miidhaan hanqinaalee xalayaa waajjiraaleen dhufan jiruufi jireenya hawaasaa keessatti gama guddina afaanichaanis ta'e tajaajila inni kennuun rakkoo guddaa fida. Kunis, ergaa darbu danquun waliigalteen barreeffamaa ture akka gufatuuf daandii saaqaa kan adeemu ta'a.

## 2.10. Yaaxxina Qorannichaa

Yaaxinni qorannoo kanaas, yaaxina caaseffamaati. Chomesky (1965:163), "Yaaxinni caaseffamaa seeraa afaanii ibsuu irratti xiyyeeffata," jedha. Kanaaf, qorannoon kunis, seera bareeffama Afaan Oromoo keessatti akkaata qubeewwaniifi jechoonni walitti dhufanii ergaa hiika qabeessa ta'e kennuu danda'an irratti waan xiyyeeffatuuf yaaxxina kanatti gargaarameera.

## 2.11. Sakatta`a Barruu Walfakkii

Mata duree kana jalatti qorannoowwan kanaan duraa hojjetamanii mataduree qorannoo kana waliin walsimatan iddootti sakatta'amudha. Barbaachisummaan mata duree kanaa inni guddaan tokkummaafi adda addummaa qorannoon kun kanneen biroo wajjin qabu iddootti adda ba'anii dhiyaatanidha.

Qorannoon kanaan dura hojjetame kan mataduree kanaan walitti dhiyaatu; Addunyaa Moosisaatiin bara 2009 yuuniversiitii wallaggaatti kan adeemsifame yoo ta'u, kaayyoon isaa rakkoolee Afaan oromootiin qubeessuu barreeffama xalayaalee waajjira mootummaa aanaa Bakkoo Tibbee sakatta'uu kan jedhudha. Akka qorannichi ibsutti xiyyeeffannoo isaa qubeessuu xalayaa waajjiraalee keessatti mul'atu sakkata'uu kan jedhudha. Malli qorannoo itti gargaarame immoo mala qorannoo qulqulleeffataa/akkamtaa/dha. kan biraan ammoo Hizqeel Tashoomaa 2010 Yuunversiitii Finfinneetti kan hojjetame yoo ta'u kayyoon isaa qaaccessa xalayaalee hojii gama unkafi qabiyyeen  kan jedhu irratti.bakki isaa ammo Wallagga Lixaa Aanaa Laaloo Assaabii Magaalaa Innaaggoo kan jedhamutti yoo ta'u qorannoon kiyyaa garuu hanqinaalee xalayaalee hojii wajjiraalee mootummaa Bulchiinsa Magaalaa shaashamannee xiinxaluu kan jedhudha. Wanti tokko isaan taasisu immoo lamaan isaan iyyuu xalayaa irraati xiyyeeffachuun dalagamuu isaanitti. Wanti qorannoowwan sadeen kanneen adda taasisu kayyoo isaanii fi bakki isaan itti dalagaman garagara. Akkasumas iddattoon isaanii garagarafi malli  isaan qorannicha itti adeemsisan garaagara.. walumaa galatti qorannoo kiyyaa kun hanqinoota namootni armaan olii kunneen qorannoo isaanii keessatti hin tuqneefi kanneen biro irratti xiyyeeffatee kan dalagame dha.

## BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

Boqonnaan kun wixinee qorannichaa, madda odeeffannoofi mala filannoo iddattoo, meeshaalee ragaaleen ittiin funaanaman, adeemsa odeeffannoon ittiin walitti qabameefi mala ragaaleen ittiin qaacceffaman kan of keessatti qabateedha.

### 3.1. saxaxa qorannichaa

Kaayyoo qorannoo kanaa fiixaan baasuudhaaf, qorataan gosa qorannoo akkamtaafi ammamtaa (makaa) gargaarameera. Sababni malli kun filatameef, odeeffannoon walitti qabaman mala lakkoofsaafi ibsaan hiikuun waan barbaachiseefiidha. Kunis kan ta'eef, ragaalee bifa bilchina qabuun funaanuufi xiinxaluun barbaadameeti. Kun immoo, mala tokkotti fayyadamuu caalaa hanqinicha gadifageenyaan akka hubatan waan gargaaruuf (Dastaa,2013:29). Akka yaada kanaatti malli kun gadifageenyaan xiinxalamuu irratti humna qabaachuuf, hubannoo bal'isuu irratti haala kan mijeessu waan ta'eefiidha.

### 3.2. Madda ragaalee

Maddi ragaa qorannichaa madda ragaa tokkoffaafi lammaffaati. Madda ragaa tokkoffaa kanneen jedhamanis xalayaalee hojii baahii ta'anii bara 2011 faayila qabatanii jiran yoo ta'u, maddi ragaa lammaffaammoo odeeffannoo afgaaffii namoota waajjiraaleefi Mana keessatti hojjatanirraa kan argame fi bargaaffilee irraa argaman dha. Odeeffannoo gahaafi barbaachisaa ta'e argachuuf qoratichi namoota /barreessitoota/ hojjettoota waajjiraalee mootummaa bul.mag. shaashamannee keessatti xalayaa barreessaniifi xalayaalee waajjiraalee kanneen keessatti bara 2011tti faayila keessatti hidhamanii argaman akka madda ragaaleetti tti gargaaramee jira.

### 3.3. Mala Iddatteessuu

Iddattoon qorannoo kanaa hojjettoota waajjiraalee mootummaa bulchiinsa magaalaa shaashamannee keessatti argman yoo ta'u, qorattichi tooftaalee iddatteessuu jiran keessaa waajjiraalee filachuuf mala mit-carraa fayyadamuun iddatteessuu gaggeessee jira. Sababni malli kun filatameef, odeef-kennitoota keessaa fudhachuuf waajjiraaleen filataman kunneen qorannoo kana sirriitti galmaan naaf gahu jedhee qorataan waan itti ammanneef al-carraan filachuun barbaachise.Akkasuma waajjirooleen kunneen bakka/naannoo/ tokkotti waan argamaniif odeef kennitoota haala salphaa ta'een argadha jedhee waanan itti amaneef mit-carraa filachuu danda'eera.

Kanumaan walqabatee, qoratichi gosa iddatteessuu mit-carraa kana keessaammoo mala iddatteessuu akkayyootti dhimma ba'ee jira.Sababnisaas, iddattoon filataman qabiyyee qorannichaafi kaayyoo qorannichaarratti  xiyyeeffachuunidha. Dabalataanis malli kun akkaayyoo qorannichaatti ykn qoratichaatti odeef-kennitoota filachuuf gaariidha jedhamee waan amanamuuf (Yaalew 2006:132). Kanaafuu, qorannoo kanarratti qoratichi gosa iddatteessuu keessaa kaayyoo isaa wajjiin walqabsiisuun dhimma bahuun odeeffannoo guuree jira. Haaluma kanaan, milkaaiina qorannoo kanaatiif odeeffannoon kanirraa funaanaman hojjettoota mootummaa waajiraalee mootummaa bulchiinsa magaalaa shaashamanneerratti hundaa'uun waajjiraalee 32 keessaa 8 mala kaayyeffataatti gargaaramuun filatamanii qorannoon kun irratti adeemsifameera.

Dabalataan, hojjettoota waajjiraalee 8 keessa jiran (dhi= 85 +dub=150) walitti qabaa 235 qabu. Kanaaf, qoratichi hojjettoota 235 keessaa dhiira 20 fi dhalaa 15 waliigalatti odeef-kennitootni 35  akka iddattootti mala iddateessuu mit-carra dhimma bahuun kan filatamanidha. Haalli namoonni kunneen itti filatamanis  irraa caalaa namoota naannoo xalayaan itti barreeffamu irra hojjetan; kan akka abbootii adeemsaa waajjiricha keessaa hojjetan, hoogganaa  waajjiraa, I/aanaa waajjiraa, barreessituu waajjirichaati. Namoonni kunneen kaayyoo gooree qorannichaa galmaan ni ga'u jedhamee waan itti amanameef. Akkasumas namoonni  kunneen yeroo baay'ee xalayaa hojii  barreessuun walitti hidhata waan qabaniif irratti xiyyeeffatame.

## 3.4. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaaname

Meeshaaleen funaansa odeeffannoo qorataan kun dhimma itti bahe malleen funaansa ragaalee sadiidha. Isaanis, Afgaaffii, sakatta'a xalayaalee fi bargaaffidha. Meeshaalee funaansa ragaa garaagaraa fayyadamuun tarsiimoo funaansa raga qorannoo tokkoo cimsuu danda'a. Waa'ee kanaa Mosterfi Kalton, (1972, f.126) yommuu ibsan, “Different instruments provide a powerful research strategy for study,” jedhu. Akka yaada namoota kanaatti meeshaalee funaansa ragaalee garaagaraatti dhimma bahuun tarsiimoolee ragaan ittiin funaanamu bu'a qabeessa taasisuu akka danda'u dha.

Akka Dastaan (2013) ibsetti, barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannootti nama tajaajilan hedduutu jiru. Isaan keessaa kanneen akka kitaabotaa, xalayaalee, gaazexaa, barruulee adda addaa, ajandaa, qaboo yaa`iifi kanneen kana fakkaatan ta`uu danda`u jedha. Yaada kana bu`uura godhachuun, qorannoon kun kanirratti xiyyeeffate xalayaalee  hojjettoota mootummaa

waajjiraalee mootummaa xiinxaluun hanqinoota adda addaa achi keessatti mul`atan adda baasuudhaan; maddasaaniitiifis furmata barbaada. Haaluma kanaan, ragaalee dookimantii waajjiraalee qorannoon kunirratti geggeeffamees kanneen akka: xalayaalee bahii fi galii ta`an. Tofataan kunis kan barbaachiseef fayyadamni afaanicha barreeffamoota xalayaalee mana hojii kana keessatti eegaamuu isaanii xiinxaluuf; akkasumas, hanqinni caasaa afaanii, qubeessuu, sirna tuqaaleefi qubguddeessaa barreeffama xalayaalee hojii hojjettoota mootummaa keessatti mul`atuu isaanii adda baasuuf qoratichi mala kanatti fayyadamee jira.

### 3.4.1. Afgaaffii

Meeshaalee funaansa ragaaleetiif barbaachisan keessaa tokko afgaaffiidha. Kothari (1990, f.98) waa'ee afgaaffii yommuu ibsu, "interview is very personal way of gathering information because it allows for adoptability in questioning and helps to get in depth information," jedha. Akka yaadni kun ibsutti afgaaffiin odeeffannoo namootarraa walitti qabachuuf ragaalee gadi fagoo kennuu akka danda'udha. Nunan waa'ee afgaaffii (1992, f.45) yoo ibsu, "There are two ways of data collecting methods to collect information during interview. using recoding material and note taking methods" jedha. Akka yaada kanatti yeroo afgaaffii fayyadamnu odeeffannoo funaannu karaa yookiin tooftaalee lamaan fayyadamuun akka danda'amu ibsu. Tooftaaleen kuneenis, meeshaa waraabbiifi yaadannoo qabachuun akka danda'amudha.

Qorannoo kana galmaan gahuuf namoota waajjiralee mootummaa kanneen keessatti xalayaa barreessaniifi abbootii adeemsaa ta'anii wajjiraalee keessaa kan dalaganiiti.afgaaffii banaa fi cufaa ta'e odeef-kennitoota dhi=7 dub=5 walii gala 12 irraa odeeffannoo funaannateera.

### 3.4.2.Bargaaffii

Qorannoon kun kanirratti xiyyeeffatee ka`e barreeffamoota xalayaalee hojii hojjettoota mootummaa waajjiraalee mootummaa xiinxaluun rakkoolee achi keessatti argamaniif furmaata kaa`uudha.Kana gochuuf ammo, meeshaaleen ragaan ittiin funaanamee dhimmichi ittiin addaan bahu keessaa tokko bargaaffiidha. Innis, gaaffiilee barreeffamaan dhiyaateef odeef-kennaan ragaa yookaan odeeffannoo kennuu barbaadan karaa barreeffamaan ibsataniidha. Yaada kana Zoltan (2007) irratti yoo ibsuu, bargaaffiin malleen odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isaa tokkoofi kan qorattoota baay'eedhaan filatamu ta'e argama. jedha. Akkasumas, meeshaalee ragaan ittiin funaanamu keessaa sababa kun filatameef dabalataan hayyuunumti kun yoo ibsuu, yeroo, humnaafi baasii qusata; eenyummaa odeef-kennitootaa waan hin ibsineef

odeeffannoo sirrii argachuuf mala gaariidha; odeef-kennitoota hundaafuu gaaffii walfakkaatu dhiyeessa; bakka bu'aadhaan dalagamuu danda'a; qorataafi odeef-kennaa gidduu waliin duubiin murteessaa miti." jedha. Kanaaf, odeef-kennitoonni walaba tahanii yaada kennuubarbaadan ifaafi bilisaan barreeffamaan gaaffii dhiyaateef odeeffannoo quubsaa kennuu waan danda`aniif qoratichi ittifayyadamuu danda'eera. Bargaaffiin qophaa`es odeef-kennitoota dhi=14fi dub=10 walittiqabaa odeef-kennitoota 24f bagaffiin gosti lama ,isaanis bargaafii cufaa fi banaa ta'e qophaa'ee raabsamee ragaan guuraamee jira. Dabalataan, kaayyoon meeshaa kanaan galma gahu: ulaagaalee xalaayaan tokko barbaadu guutanii barreessuu hojjettoota mootummaa biratti mul`atan maalafaa akka ta`an adda baasuuf, xalayaa hojii barreessuu keessatti hanqinoonni hojjettoota waajjiraalee mootummaa eessaa akka maddan eeruuf, xalayaalee hojii barreessuu keessatti hanqinni hojjettoota mootummaa biratti mul`atan afaanicha rakkoo akkamii irra buusuu akka danda`an agarsiisuufi rakkooleen xalaayaa barreessuu hojjettoota mootummaa biratti mul`atan akkamitti fooyya`uu akka danda`an fala kaa`uuf kayyoowwan kanneen galmaan ga'uuf bargaaffiin filatameera.

### 3.4.3. sakatta'a dookimentii

Sakatta'uun rakkoo jiru bira gahanii ilaaluun waa'ee rakkoo sanaa waan tokko jechuudha. Qoratichi qaamaan argamee rakkoo sana ilaaluun ni barbaachisa. Dokumentii sakaatta'uun wantoota dokumentii ta'anii jiran yookiin walitti qabamanii jiran irra deebi'anii ilaaluun rakkoo achi keessaa xiinxaluu akka ta'e Clandinin, (2000, f.54) ibsee jira. Achuma keessatti dabalee akka ibsetti gosoonni dokumentii sakatta'amuu qaban wantoota barreeffamanii jiran, xalayaalee garaagaraa, galmeewwan uummataa (public records), maxxanfamoota adda addaa (posters), kaartaalee, suurota adda addaa fi waraabbiin sagaleewwan garaagaraa akka ta'an ibsee jira (f.55).

Odeeffannoon sakatta'aan argamu kan afgaaffiitin argamu caalaa fudhatama akka qabu hubatee qoratichi meeshaalee odeeffannoo ittiin funaannatan keessaa mala kanatti dhimma bahee jira. Sababni isaa ragicha qabatamaan waan bira ga'ee argeef. Kanaaf, xalayaalee hojii waajjiraa mootummaa keessatti barreeffamanii dokumentii ta'an sakatta'ee odeeffannoo walitti qabatee jira. Haluma kanaan xalayaalee waajjiroolee 8 keessaa bahii ta'an kan bara 2011 keessa bahii ta'aa turan 96 keessaa xalayaalee 64 gadi fageenyaan ilaaleera. Qoratichis xalayaalee kanneen kan sakatta'e, safaree sakatta'a dokumentii qopheeffatee raawwate.

## 3.5. Mala Ragaaleen Ittiin Qaacceffame

Odeeffannoon meeshaalee garaagaraan walitti qabame adeemsa mala akkamtaa (qualitative research) fi hammamtaa(quantitetive) makaa fayyadamuun qaacceffamee jira. Haala raga argamerratti hundaa'ee mala qorannoo kanatti dhimma bahee jira. Kana jechuun ragaalee sakatta'a xalayaalee, afgaaffiifi bargaaffii irraa argaman mala lakkoofsaan fi jechaan ibsuunidha. Walumaagalatti, ragaaleen afgaaffii hojjettootarraa argameefi ragaaleen sakatta'a barreeffama xalayaarraa argaman mala akkamtaan fihammamtaan ibsamanii jiru. Ammas, Addunyaan, (2011, f.60) waa'ee mala kanaa yoo ibsu," Malli kun odeeffannoo akkasii kun rakkoo qoratamu sana gadi fageenyaan dhiyeessuun argannoofi haala mijeessuurratti humna qaban xiyyeeffata" jedha.

Ragaaleen sakatta'arraa argaman bakka tokkotti,kan bargaaffii irraa argaman bakka biraatti, akkasumas kan afgaaffiirraa argaman bifa yaadannootin funaannatee bakka birootti erga qoqqooddatee booda mala akkamtaafi hammaamtaan toora galchuun ibsi itti kennameera. Ragaaleen bargaaffi,afgaaffiifi sakatta'aan argaman haala kanaan qaacceffamuun hiikni erga itti kennameen booda, cuunfaa argannoo kanarraa argame ibsee jira. Argannoo kanarratti hundaa'uun wanti ta'uu danda'u akka yaboo yookiin yaada furmaataatti kaa'amee jira.

# BOQONNAA AFUR

## 4. Xiinxalaa Ragaalee

Boqonnaa kana keessatti odeeffannoowwan walitti qabaman iddoo itti hiikamaniifi xiinxalliin itti geggeeffamudha. Sakatta'a dookimentii karaa irratti xiyyeeffatamuun mata duree xixxiqqaatti qoqqoodamuun xiinxalliin itti kennameera. Odeeffannoowwan meeshalee funaansa ragaalee boqonnaa kana jalatti qacceffamaniiru.

### 4.1. Ibsa Odeef-kennitootaa

Mata duree kana jalatti odeef-kennitooti saala,umurii,sadarkaa barnootaafi bara tajaajilaan adda baafamanii kaa'amaniiru.

Gabatee :1 ibsa odeef kennitootaa

| Koorniyaa | Baay'ina | Umurii | | | | Sadarkaa barumsaa | | | Bara tajaajilaa | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 20-30 | 31-40 | 41-50 | 51 ol | Dip | Dig | MA | 1-5 | 6-10 | 11-15 | 16-20 | 21-25 | 26-30 | 31 OL |
| Dhiira | 20 | 4 | 10 | 5 | 1 | 9 | 8 | 4 | 4 | 5 | 3 | 4 | 3 | 1 | 1 |
| Dhalaa | 15 | 5 | 5 | 5 | - | 10 | 4 | - | 2 | 1 | 3 | 3 | 2 | 2 | 1 |
| Waliiga | 35 | 9 | 15 | 10 | 1 | 19 | 12 | 4 | 6 | 6 | 6 | 9 | 5 | 3 | 2 |

Akka gabatee 1, irraa hubachuun danda'ametti qorannicha keessatti namoonni dhi 21 dub 14 walii galaa namoonni 35 odeef keennitoota qorannichaa ta'anii hirmaataniiru. Namoota hirmatan kanneen umuriin yoo ilaalle namoonni dhi 5 dub 4 walii gala namoonnii 9 umurii 20-30 gidduutti kan argaman yoo ta'an, kan biraan immoo dhi 10 dub 5 walii gala namoonni 16 umurii 31-40 gidduutti kan argamanidha. Akkasumas dhi 5 dub 5 walii gala namoonni 10 umurii 41-50 kan ta'an hirmaataniiru. Dabalataanis namoonni umuriin isaanii 50 ol ta'an dhi 1 hirmaataniiru.

Akka gabateen 1 kun ibsutti Gama sadarkaa barumsaan yoo ilaalle immoo namoonni 12 jechuun dhi 8fi dub 4 sadarkaa barumsaa Digiriin kan hirmaatan yoo ta'u, namoonni 19 jechuun dhi 9 dub 10 sadarkaa barumsa dippiloomaan kan hirmaatanidha. Akkasumas dhi 4 immoo saadarkaa barumsa MA kan qaban odeef kennitoota qorannichaa ta'anii hirmaataniiru. Gama bara tajaajilaan yoo ilaalle immoo waggaa 1- 5 kan tajaajilan namoota 6 yoo ta'an,

kannee waggaa 6-10 tajaajilanis namoota 6 dha. Akkasumas namoonni 6 tajaajila waggaa 11-15 gidduutti kan argaman yoo ta'an kanneen tajaajila waggaa 16-20 gidduutti argaman namoota 9dha. Itti dabalees namoonni tajaajila waggaa 21-25 gidduutti argaman namoota 5 yoo ta'an kanneen waggaa 26-30 gidduutti argaman namoota 3 kan barri tajaajjili isaanii waggaa 30 ol ta'an immoo baay'inni isaanii namoota 2 ta'uu odeef kennitoota irraa yeroo odeeffannoo sassabachaa ture argadheera.

## 4.2. Odeeffannoowwan Sakatta'a Dookimentii Irraa Argaman Qaaccessuu

### Xiinxala Xalayaa

Boqonnaa sadaffaa keessatti akkuma ibsame,odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisu walitti qabachuuf qoratichi sakatta'a dookimentii adeemsiseera. Sakkatta'iinsi ragaalee kun kan adeemsifame xalayaa waajjira mootummaa iddattoo qorannoo kanaaf filataman keessaa kan barreeffaman waajjira tokko irraa xalayaa 8 walii gala xalayoota 64 kan bara 2011 keessa bahii ta'an walitti qabuun qaaccessi kun kan adeemsifamedha. Haaluma kanaan, hanqinootni gama kayyoo xalayaa waajjiraalee kanneen keessatti akka waliigalatti kan mul'atan yommuu ta'an, isaanis matadureen qoqqoodamanii akka armaan gadiitti qoratichaan xiinxalamaniiru.

Hanqinaalee gama qindoominaatiin jiran:-Qindoominni waan hundumaatiif murteessadha. Kan yoo jennuu,jechoonni gaalewwaniifi himoonni walitti qindaaa'anii yaada ergaa guutuu dabarsuu danda'u akeeku. Barreeffamaan ergaa dabarsuu keessatti xalayaan isa ijoo fi barbaachisaadha. Xalayaadhaan ergaa dabarfachuuf qindoominni barreeffama, sagaleelee, jachaafi himaa sadarkaa sadarkaa isaaniitii murteessa akka ta'an hubachuun salphaa miti.xalayaa qindoomina gaarii qabu immoo barreessuun kan danda'amu muuxannoo irratti hundaa'a. Xalayaalee waajjiraalee mootummaa hanqinaalee irraa bilisa ta'an barreessuun muuxannoo akka barbaachisu beekamaadha.Kunis, dhugoomuu kan danda'u muuxannoon beekumsaan tumsame yoo jiraateedha.Kun immoo, waajjiraaleen mootummaa adeemsa hojii isaanii guyyaa guyyaan walqabate ibsuuf, odeeffannoo sirrii argachuufi dabarsuuf yookaan qajeeltoowwan jiran raawwachuuf muuxannoon xalayaalee barreessuu ijoo ta'uu isaati.Akka Robert (2004:3) ibsutti " Letters that get your message across without the reader calling you for clarification.Letters that persuade your readers to accept your point of view, or take the actions you want them to take," jedha.Akka yaada kanarraa hubatamutti, namni tokko xalayaalee

waajjiraalee kan dubbisaa isaaf salphaatti hubatamuufi dhimma barreeffameef kan raawwatu barreessuu qaba. Kana gochuuf immoo, muuxannoon xalayaalee barreessuu iddoo olaanaa kan qabu ta'uusaati. Egaa qindoominni barreeffama tokko muuxannoo jiruu jireenya keessatti horanne,akkasumas shaakallii adda adda barreeffamaan walqabatan kan jedhu dha. Adaduma waa barreessa deemaniin muuxannoon horama. Kan keessatti immoo haala gaariin ergaa dabarfachuuf qindoominni barreeffama keeti murteessadha.

Akka xalayaa lakk/W/D/I/150/11 Guyyaa 21/11/2011 waajjirri dargaggoofi isportii ganda bakka ________f barreesse irraa hubachuun akkuma danda'amutti waajjirri dargaggoofi ispoortii xalayaa yeroo barreessan hanqinaalee kanneen armaan olitti eeraman xalayaa isaan barreessan irratti arguu danda'ameera. Kanas kan dhugeessu waraabbii kallattiin ilaaluunni danda'ama.

- Dhimmi:-deeggarsa gaafachuu ta'a.Akkuma dhimma irratti ibsamuuf yaalametti ispooortessaa dhageettii Gurraa kan ta'e dagaggoo Abrihaam Wandimmuu Yinaasuu jiraataa ganda kanaa kan ta'e waraqaa eenyummeessaa baafatee biyya bakka bu'ee akka dorgomu paaspoortii fayyadamaa tureera.Haata'u malee waraqaan eenyummaa jalaa waan badeef paaspoortii irratti ragaan guutuun ibsamee bara dhalootaa, umurii, guyyaa fi barri haala ifaa ta'een akka armaan durattti guutamee **akka naaf kennamu** deeggarsa keessan ni gaafadha.

Akkaataa xalayaa kallatti waraabame armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, sababa qindoomina dhabuu irraan kan ka'e ergaan darbuu barbaade osoo hin darbin hafeera. Xalayicha irraa akka hubachuun danda'ameutti keeyyata jalqaba irratti dhimma xalayichi barreeffameef ibsuu yaalameefi keeyyata lammaffaa irratti kallattiin kaa'ame sababa qindoomina dhabuu irraan kan ka'e ergaan darbuu barbaade osoo hin darbin hafeera. Kunis sila waajjiri dargaggoofi ispoortii deeggarsi dargaggoo kanaaf akka taasifamuuf dhuma irratti akka jecha gurraacha'e **"*naaf kennamu*"** kan jedhu kun akka waan namichi maqaan xalaayaa keessatti eerame sun akka waan barreesse ofii gaafateetti goolabameera. Kun immoo qindoomina dhabuu xalayichaa nutti agarsiisa.

Xalayaa armaan olii kun akka ibsutti hanqinoota gama qindoominan keeyyataa alatti hanqinoota hedduu keessatti mul'ata. Isaanis hanqina qindoomina yaada,jechoota akka hin

barbaachifnetti fayyadamuu, kun immoo ergaa xalayichi barreeffameef jijjiiruun xalayicha hiika dhabsiiseera. Kun immoo deeme deemee xalayaan ergaa dabarfachu irratti rakkoo uuma.

hanqinaalee Caasaa Afaaniitiin walqabatan Afaan oromoo caasaa isaa eegamee kan hin barreeffamne yoo ta'e, ergaa dabarsuuf yaadame kallattiisaa jijjiiruu danda'a.Addunyaa (2017) akka ibsutti, "Afaan Oromoon dubbisuufi barreessuuf beekumsi gama caasaa afaanichaatiin jiru gumaacha guddaa qaba,"jedha. Akka hima armaan oliitti , barreeffamni caasaa afaan ittiin barreeffame sana utuu hin eegin barreeffame ergaa barbaadame tokko galmaan gahuu hindanda'u. Fayyadama caasaa afaanii keessaa inni tokko qindoomina mathimaafi gochimaati.Yaada kana Mirreessaa (2014) yoo ibsu, "Ijaarsa himaa keessattis ta'e haasaa taasifamu keessatti gochimni handhuura. Kunis, mathimni maal akka raawwate sirriitti ibsuuf tajaajila," jedha. Akkasumas, yaaduma kana kan cimsu, Irreessoo (2006) yoo ibsu, "Caasaa Afaan Oromoo keessatti mathimniifi xumurri walta'iinsa qabu. Walta'iinsi isaanii kun yoo sirriitti qindaa'e, himni hiika qabu ijaaramee ergaa barbaadame dabarsa," jedha. Haaluma kanaan, xalayaa waajjiraalee mootommaa qaaccessuun hanqina caasaa isaan qaban ilaaluuf yaalamee jira. Isaanis, akka armaan gadiitti waraabbii kallattiin xalayaa isaanii keessaa fudhatamuudhaan ibsi barbaachisu itti kennamee jira.

- Xalayaa lak. Galmee WBBMSH-143/87 gaafa guyyaa 26/09/2011 barreeffame akka ibsutti, Dhimmi:- kitaaba waxabajjii 30 dura barattootaaf akka raabsitan isin beeksisuu ta'a. Akuma gubbaa irratti ibsamuuf yaalametti barataan barnoota xumuree qormaata fudhateef kitaaba akka laatamu BBO'n kallattii kaa'eera. Bu'uuruma kanaan mana ***<u>abaarnoota</u>*** keessan" jechi gurraacha'ee barreeffame kun hanqina dogoggora qubeettin ergaan ibsamuuf yaalametti haala osoon darbin hafeera.jechi abaarnoota jechu akka xalayaa kanaatti hiika kanhiqabne ta'uu isaa fi ergaa darbuuf malu karaatti kan hambise ta'uu isaa irraa hubanna. Akkasumas xalayaa kan keessattii hanqinni/dogoggorri/ garaa garaa nimul'ata. Jechoonni ykn gaaleewan osoo gabaabbachuu qabanii dheeratanii qubeeffamuun dhaamsa barreeffamichaa jijjiiranis nimul'atu. Gaaleewwaniifi jechoonni kunneen haala kanaan erga sirreeffamanii booda xalayicha keessatti iddoo iddoo isaaniitti yoo barreeffaman xalayichi dhaamsa sirrii dabarsuu danda'a.

- Dhimmi:-sukkaaraafi zaayita gahee hojjettoota waajjira keenyaaf akka laatan isin beeksisuu ta'a. Hima armaan olitti irraa hubachuun akkuma danda'amutti jechi "laatan" jedhu kun ergaa darbuu barbaade akka hin dabarre taasiseera. Caasaan afaanii jijjiiramuun kun barreeffamichi ergaa darbuu barbaade akka hin dabarre taasiseera. Akka yaada kana irraa hubachuun danda'amutti nama lammaffaa irraa gara sadaffaatti jijjiirameera. Kun immoo ijaarasa jecha irraa kan uumamedha.ijaarsonni kunneen immoo caasaa afaanichaa jijjiiruun kallattii hiika jechaa /ergaa darbuu barbaade karaatti hambiseera. Akka barreeffama kanatti qaamni sukkaraafi zayitii kennu hin beekamu.kun immoo afaanicharratti dhiibba guddaa fiduu danda'a.

Hanqina Qubeessuutiin Walqabatan :-Ergaan xalayaa keenyaa karaa qulqullina qabuun akka darbuuf seera barreeffa Afaan Oromoo eeguun barbaachisaadha.seerri kunneenis dheerinaafi gabaabina sagaleeleen walqabata. Yaada kanaan walqabatu Geetachoon (2009)yoo ibsu "Barreeffama Afaan Oromoo keessatti sagalee gabaabaa kan jedhamu dubbachiistuun tokko qofa yeroo barreeffamuudha. Sagalee dheeraa kan jedhamu qubee dubbachiistuu gosa tokko lama barreessinuudha. Gabaabbachuufi dheerachuu dubbachiistuu kanaanis, jechi tokko hiika duraan qabu nijijjiira," jedha. Akka yaada kanaatti, jecha tokkoon sagalee dheeraa yookiin gabaabaa qaba jechuuf dubbachiistuu irratti kan hundaa'u ta'ee, kunis jijjiirama hiikaa fiduu akka danda'u agarsiisa.Kanaafuu, ergaan barreeffama tokkoo walquunnamtii sirrii uumuufi dhiisuu isaaf murteessaa ta'uusaati. Haaluma kanaan, unka xalayaa waajjiraalee mootummaa xiinxalaman keessatti seera fayyadama afaanii keessaa dheeressuufi gabaabsuun sagalee kun hojiirra oolee hin argamu. Hanqinaaleen sagalee dubbachiistuu kunis bakka dheerachuu qabanitti gabaabsuufi bakka gabaabbachuu qabanitti immoo faallaa isaa dheeressanii xalayaa isaanii irratti yeroo barreessantu mul'ata. Hanqinni dubbachiistuu seeraan qubeessuu dhabuu kun immoo, walquunnamtii uumuu irratti hiika kan dhabsiisu ta'a.

- Xalayaan lakk.WBBMSH-18/501/2/7 barreeffame 'Dhimmi:- Ragaalee gumii BLAG fi mare barattootaa akka ergitan gaafachuu ilaala' kan jedhu ture. Xalayaa kana keessatti jechoonni dogoggoraan qubeeffamanii xalayicha hiika dhabsiisan: Lakk, WBBMSH , paakejii, mirkaneffannaa,keessattii, lam alla, gabbabbachaa, nuu, isiin kan jedhamanidha.Kanaaf,jechoonni kunneen haala kanaan sirreeffamanii barreeffamuu

qabu: Lak, WBBMSH, paakejjii, mirkaneeffannaa, keessatti, amala, gaggabbachaa ykn gababbachaa, nuuf, isin kan jedhamanitti sirreeffamanii barreeffamuu qabu.

- Akkasumas, xalayaan lakk WBBMSH -14/224/6/11 barreeffame, 'Barsiisota,I/G fi Sup.bara 2011 Barnoota isaanii Fooyyeffatan fi Jijjiirraa M/B irraa gara M/Btti guuttanii akka nuuf ergitan gaafachuu ilaala kan jedhudha. Qaama xalayaa kanaa keessatti jechoonni hanqina dogoggora qubeetiin qubeeffamuun dhaamsa xalayichaa harcaasan: M/Btti, supervizera, huubachuun, jiruu, raga, jijjiiraa kanneen jedhamanidha. Kanaafuu,jechoonni kunneen haala kanaan sirreeffamanii qubeeffamuu qabu: M/Barumsaatti, suuppervaayizera, hubachuun, jiru, ragaa, jijjiirraa jedhamanii sireeffamanii barreeffamuu qabu
- Kan biraan immoo waa'ee dheerinaa fi gabaabina sagalee kanaan walqabatee akka xalayaa lakk/Ref.no.W/B/B/SH/1273/10. Guyyaa 28/9/2011 barra'ee waraabbii kallattiin haa ilaallu. Dhimmi:-nama leenjii ***irraattii*** hirmaatu erguu ilaala.Akkuma armaan olitti ibsuuf yaalametti nama leenjii guyyaa 29/09/2011 irraa eegalee magaalaa adaamaatti gheggeeffamu irratti hirmaatu akka erginu BBOn ergaa bilbilaan nuuf dabarsitanii jirtu. Akka xalayaa kallattiin waraabame armaan olii irratti hubachuun danda'amutti, dhimmi:-nama leenjii" irraattii" hirmaatu erguu ilaala kan jedhu kana irratti jechi "irraattii " jedhu kun sagalee bakka dheerachuu hin qabannetti dheerattee jira. Kun immoo ergaa darbuu qabu akka hin dabarre taasiseeraSilaa kan ta'uu malu "irratti" kan jedhu ture ergaan isaan kan jijjiirame akka leenjii irratti hirmaatuu kan affeweru yoo ta'e iyyuu ergichi haala barbaadameen akka hin dabarre taasiseera.Dheerinnii fi gabaabinni sagalee sagalee ergaa darbuu malu akka hin dabarre taasisuu keessatti shoora olaanaa akka qabu hubachuun danda'ameera. Kun immoo barreeffamaan ergaa dabarfachuun irratti qubee sirrii bakka barbaachisaa ta'etti yoo galuu baate, rakkoon gama wal hubachuutiin dhufuu akka danda'u irraa hubachuun danda'ama.
- Akka xalayaa lakk.WBMSH/1337/2 irraa hubachuun danda'amutti,waraabbii kallattiin xalayicha keessaa kan fudhatame;"kutaa qophii karooraa fi *gamagamaatiin* qofa kan guutamu "Akka barreeffama waraabbii keessa luucceffamee jala muramee jiru armaan olii irraa hubachuun danda'amutti sababa hanqina qubee irraan kan ka'e ergaan darbuu barbaade osoo hin darbin hafeera. Kun immoo xalayaan ergaa dabarfachuu keessatti

rakkoo hammaataa ta’ee bakka adda addaatti mul’ata. Kanaafuu sababa qubeessuu irraan kan ka’e guddina afaanichaa irratti illee dhiibbaa geessisuun isaa hin oolu.

- Akka xalayaa lakk./3-1-3-4/0092465 guyyaa 25/04/2011 barraa’erraa kallattiin waraabameen Dhimmi:waa’ee kabaja guyyaa *Ayyaanaa* Tarkaanffii( walking on foot) ilaala. Xalayaan kun waajjira dargaggoofii ispoortii bul.magaalaa shaashamannee irraa kan fudhatamedha.Akka xalayaa kallattiin warabame kana irraa hubachuun danda’amutti dhimmi darbuu barbaade karaatti hafee argina. sababaa qubeen jecha armaan olitti luucceffamee barreeffame bakka hin barbaachifnetti dheeratee argameefidha. Xalayaa kana keessatti wanti mul’atu jechoonni akka galumsa barreeffamichaatti hanqina qaban hedduudha. Garuu, askeessatti wanti xiinxalamu hanqina dheerinaafi gabaabina sagalee waan ta’eef, jechootni luucceffamanii jala sararaman warra hanqina dheerinaafi gabaabina sagalee dubbachiistuu waraabbii kana keessatti qabaniidha.

Hanqina Gama qubee Irra butaan uumaman:- Akka barreessitoonni waa’ee irrabutaa barreessan jedhanitti;irrabutni yeroo dubbifamaan gosa garaagaraa lama walitti aananii dhufan kan uumamuudha.hanqinni irra butaa kan uumamummoo yommuu dubbifamaan gosa garaagaraa walitti aananii dhufan dubbachiiftuu itti saaguun kan uummamuudha. Hanqinni akkanaa xalayaalee waajjira mootummaa bulchiinsa magaalaa shaashamannee keessatti nimul’ata. hanqinoonni kanneen bifa itti aanuun xiinxalamanii jiru. Xalayoota hanqinaalee akkasii qaban waajjiraalee qorannoon kun irraati adeemsifame keessaa walitti qabaman akka armaan gadiitti haa ilaallu.

- Akka mata duree irratti ibsamuuf yaalametti obbo Mula’ataa Takilee hojiif mootummaaf guyyaa 18/2/2011hojif waan deemuuf iddoo kiyyaa buutanii akka hojjettan isin yaadachiisaa imaanaafi itti gafatamummaa isinitti gatame amantaadhaan akka baatan **cimisine** isin beeksifna. As keessatti ibsamuuf akka yaalametti dhimma waa’ee bakka bu’ummaa itti kenname imaanaadhaan akka bahaniif akeekkachiisuu ture. Haa ta’uu garuu jechi armaan olitti gurracha’ee barreeffame ergaa darbuu barbaade sababa qubeen irra butaa sirritti hin barreefamneef ergaan darbuu barbaade osoo hin darbin hafeera. Garuu ergaan darbuu barbaade imaanaa cimsanii itti kennuu

kan jedhu ture. *Akkuma xalayaa armaan olii irraa hubachuun danda'amutti sababa hanqina irra butaatiin ergaan darbuu barbaadame osoo hin darbin hafeera.*

- Gabaasa kur.1ffaa bulchiinsa gaarii bara kana isini erguu ilaallaa. Akkuma mata duree irratti *ibusuuf* yalleemetti gabaasa bulchiinsaa hanga ammatti furmaata argateefi irratti hojjeetama jitu xalayaa fula 1 walin wal qabsiifi kan isiin erguni kabajaan isiin *beeksisina* Haaluma kanaan, yaadni xalayaa waajjira Darggaggoo Ispoortii keessaa fudhatame,yaada xalayaa waajjira Darggaggoo Ispoortii kana keessatti luucceffamanii kan jala sararaman, utuu irra butamanii barreeffamuu qabanii kan haala biraatiin barreeffaman agarsiisa. Hanqinaaleen yaada xalayaa kanarraa fudhataman akka waliigalaatti isaan kana qofa jechuu miti. Jechootni xalayaa kanaa marti seera barreeffamaa eeguun kan qubeeffaman miti. Haata'u malee, as keessatti kan ilaalle waa'ee irraa butaa qofa. sagalee dubbifamaa irratti hundaa'uun kan xiinxalameedha.
- Akkuma mata duree irratti tuqamuuf yaalametti Federeeshinii Kubbaa Miillaa Oromiyaa murteessitoota kubbaa miilaa naannoo oromiyaa leenjii murteessummaa waan kennuuf *galama* keessan akka fayyadamnu gama keessaniin deeggarsa barbaachisaa ta'e akka nuuf kennitan kabajaan isin gaafanna. Akka jecha armaan olitti luucceffamee jala sararame kana irraa hubachuun danda'amuutti sagaleen irra butamuu qabu osoo irra hin butamni sagaleen biraa gidduu galuun barreeffameera. Kun immoo kun immoo seera irra butaa afaan oromoo cabseera. Hiikas akka hin argatin taasiseera.

Hanqina Filannoo Jechootan walqabatan :-Akka Irreessoo (2006) ibsutti, "Caasaa Afaan Oromoo keessatti jechoonni haala ittiin qindaa'an kan ofdanda'e qabu. Isaanis, akkaataa hawaasicha biratti fudhatamaa ta'een ta'uu qabu," jedha. Akkasumas, Addunyaa (2017) akka ibsutti, " Barreeffama tokko keessatti, jechoota bakka isaanii malee galchuun(misplaced) dogoggoraaf qabata ta'a," jedha. Akka yaada kanaatti ijaarsi himaa hanqina kan qabu, duraa duubummaa, irraa jalummaa, walta'iinsa mathimaafi gochimaa akkasumas, dhaamsa darbu kan gaaga'u ta'uusaati. Haaluma kanaan, xalayaa waajjiraalee mootummaa qaaccessuun hanqina filannoo jechootaa isaan qaban kanneen akka jechoota iddoo malee walkeessa barreessuufi kan aadaa afaanichaa keessa hinjirre seeraan ala akka itti gargaaraman ilaaluuf yaalamee jira.

- Dhimmi:bakka bu'ummaa isinii kennuu ta'a. Akka mata duree irratti ibsamuuf yaalametti obbo Mula'ataa Takilee hojiif mootummaaf guyyaa 18/2/2011hojif waan

deemuuf iddoo kiyyaa buutanii akka hojjettan isin yaadachiisaa imaanaafi itti gafatamummaa isinitti **gatame** amantaadhaan akka baatan cimisine isin beeksifna. As keessatti ibsamuuf akka yaalametti dhimma waa'ee bakka bu'ummaa itti kenname imaanaadhaan akka bahaniif akeekkachiisuu ture. Haa ta'uu garuu jechi armaan olitti gurracha'ee barreeffame ergaa darbuu barbaade sababa filannoo jechaa hanqina qabuuf ergaan darbuu barbaade osoo hin darbin hafeera. Garuu ergaan darbuu barbaade imaanaa itti kenname jecha jedhutti osoo jijjiiramee barraa'ee jecha sirrii bakka barbaachisaa dha kan jedhu ture. *Akkuma xalayaa armaan olii irraa hubachuun danda'amutti sababa hanqina filaannoo jechaatiin ergaan darbuu barbaadame osoo hin darbin hafeera.*

Hanqina gama Jechoota guutuu Barreessuu dhabuutiin uumamu :-Amaloota xalayaa keessaa tokko utuu jechooti itti hin baay'atin karaa gabaabaa ta'een, ergaa barbaadamu barreessuudha. Yaada kana Sharon (1994) akka ibsutti, "Rambling or saying more than is necessary gives your reader the impression that you do not know your subject. Saying one word more than you need to is saying too much," jedha. Akka yaada kanaatti, jechoota baay'ee gargaaramuun waan tokko yeroo ibsu, nama dhimma sana keessa hinbeekne fakkeessuu danda'a waan ta'eef, jecha tokkoon ergaa ofii dabarfachuun cimina ta'uu kaa'a. Haaluma kanaan, xalayaa waajjiraalee mootummaa qorannoon kun irratti adeemsifame hanqina jechoota qusachuun karaa gabaabaan barreessuu bal'inaan qabaachuu sakatta'i kun mirkaneesseera. Yaada kana qabatamaa gochuuf qoratichi akka armaan gadiitti waan walfakkaataa ta'e waraabbii kallattiin xalayaa isaanii keessaa fudhateera.

- Dhimmi:-ragaa barnoota leenjii gannaa isii erguu ta'a.Bu'uuruma kanaan haala gahoo isin nuuf kennitan irratti hundoofnee barsisota **A/oromoo,A/amaaraa,ICT.BTD,HPE** fillee kan ergine ta'uu keenya isin beeksifna. Akka xalayaa kallattiin warabame arman olii irraa hubachuun danda'amutti hanqinoota hedduutu mulata.himni ijoon armaan olitti barreeffame kunneen ergaa darbu irratti namoota naannoo sectera barnootaa jiran irraan kan hafe namni biraa hiika biraa itti kennuu danda'a. xalayaan immoo ofii isaatii deeggarsa tokko malee qaama dhimmi ilaallatu marattii haasa'uu qaba. Xalayaa armaan olii keessatti jechoochootni gabaabbatanii barreeffaman kunneen xalayaa keessatti akkanatti kan barreeffaman osoo hin taane xalayaa waan ta'ee osoo

guutamee barreeffamee gaariidha. Kan ta'uu qabus kanuma. Yeroo xalaayaa barreessan jechoota keessa kutanii ykn gabaabsanii barreessuun hin barbaachisu. Hima guutuun akkataa xalayichi ofii isaan dubbachuu danda'u taasisuu qaba.kanaafuu xalaa armaan olii irraa kan hubannu jechoonni akka **A/oromoo,A/amaaraa,ICT.BTD,HPE** kan jedhan kunneen namoota biro biratti rakkoo hiikaa fiduu akka danda'uu as irraa hubachuun danda'ameera.

Hanqina gama Jechoota irra deddeebiin barreeffamuun uumamu :-Xalayaan yeroo barreeffamu jechoota baay'ee filatamoon ta'uu mala. Jechoota filachuun kan barbaachiseef ergaan darbuu barbaade sana haala barbaadameen akka darbuufi jedhameeti. As keessatti immoo irra deddeebii jechoota jiraan xalayaan barreeffame sun ofitti nama hin hawwatu. Kun immoo ergaa darbu irratti dhiibbaa qaba.kanaafuu barreeffamootni xalayaa qorannoon kun irratti adeemsifamee irra deeddeebii jechootaa bal'inaa mul'ata. Mee waraabbii kallattii armaan gaa iraa haa ilaalluu.

- Dhimmi:bakka bu'ummaa isinii kennuu ta'a. Akka mata duree irratti ibsamuuf yaalametti obbo Mula'ataa Takilee ***hojiif*** mootummaaf guyyaa 18/2/2011 ***hojiif*** waan deemuuf iddoo kiyyaa buutanii akka hojjettan isin yaadachiisaa imaanaafi itti gafatamummaa isinitti gatame amantaadhaan akka baatan cimisine isin beeksifna. As keessatti ibsamuuf akka yaalametti dhimma waa'ee bakka bu'ummaa itti kenname imaanaadhaan akka bahaniif beeksisuu ture. Akka xalayaa armaan olii irraa hubachuun danda'amu sababa rakkoo qusannaa jechootaa irraa kan ka'e jecha **hojiif** jedhu yeroo lama dhimmicha ibsuuf barreeffameera. Kun immoo ergaa sdarbuu barbaadeef xiyyeeffannoo akka hin arganne taasiseera. Egaa xalayaa armaan olii irraa hubachuun akkuma danda'amutti jecha tokko bakka hinbarbaachifnetti irra deddeebiin kan fayyadamnu yoo ta'e hanqina qusannaa jechootaa fida. Kanaafuu ergaa barbaachisaa ta'e dabarfachuuf jechoota ergaa sana nuuf dabarsu jennee itti amannu filachuun fayyadamuun barbaachisaa akka ta'e xalayicha irraa hubachuun ni danda'ama

Hanqina Ittifayyadama Qubguddeessaa walqabatan :-Barreeffamni kamiyyuu seera barreeffama afaan sanaa eegee barreeffamuu qaba. Barreeffama keessatti qubguddeessa fayyadamuun seera afaanii keessaa tokko akka ta'e nihubatama. Yaada beektotaa adda addaa irraas hubachuun kan danda'amu, qubguddeessi barreeffama keessatti jalqaba himootaafi

jechootaarratti seenuun ergaa darbu tokko akka barbaadametti dabarsuuf faayidaa guddaa kan qabuudha. Yaaduma kanaan kan walqabatu, Irreessoo (2006) yoo ibsu, “Qubguddeessi hima ittiin eegaluuf, bo’oo haaraa ittiin jalqabuuf, maqaalee beekamoo ta’an kan akka maqaa namaa, maqaa biyyaa, magaalotaafi maqaa guyyoota torbanii, ji’oota waggaafi kan biroo jalqaba himaa, gidduufi dhuma himaatti yoo dhufan qubee guddaan barreeffamuu qabu,” jedhee kaa’ee jira.Yaada kana bu’uura godhachuun xalayaa waajjiraalee sakatta’aman keessatti seerri ittifayyadama qubguddeessaa kun haalaan hojiirra oolee hinargamu. Hanqinaaleen qubguddeessaa barreefamoota xalayaalee keessatti mul’atan kunniin ergaa darbu kallattiin gufachiisuu baatullee, seera barreeffama Afaan Oromoo garuu faallessee jira.Egaa ittifayyadama qubguddeessaa keessatti wanti bal’inaan mul’atan maqaalee beekamoo ta’an qubguddeessa gargaaramuu dhabuu, jechoota gidduu himaatti seeraan ala qubguddeessa gargaaramuutubarreeffama xalayaa waajjiraalee kana keessatti mul’ata. Mee xalayoota kallatiin waraabaman haa ilaallu.

- Akkuma mata duree irratti ibsamuuf yaalametti adde/obbo Dannaboo Loloo ganda awashoo ***Hojii*** puulii hayyamsiisuu waan barbaadaniif iyyannoo guyyaa gaafa 29/12/2011 barreessanii nu gaafatanii jiru. Akka xalayaa kana irraa hubannutti bakka qubguddeessi hin barbaachifnetti qubguddeessa fayyadameera. Kun immoo akkatuma gubbaa irratti ibsame sanatti ilaaluun ni danda’ama. Xalaa armaan olii keessatti jechi luucceffamee jala murame qubguddeessa bakka hin barbaachifnetti fayyadameera. Kun immoo akkuma jedhame ergaa irratti rakkoo yoo hin uumneyyuu seera barreeffama Afaan Oromoo cabsee argameera.
- Akkuma mata duree irratti tuqamuuf yaalametti Federeeshinii Kubbaa Miilaa Oromiyaa murteessitoota ***kubbaa miilaa*** naannoo ***oromiyaa*** leenjii murteessummaa waan kennuuf galama keessan akka fayyadamnu gama keessaniin deeggarsa barbaachisaa ta’e akka nuuf kennitan kabajaan isin gaafanna. Akka jecha armaan olitti luucceffamee jala sararame kana irraa hubachuun danda’amuutti jechoonni kanneen maqaadha. Bakka kamittuu yoo seenan qubee guddaan eegaluu qabu. Jechoonni luuccffaman armaan olii kunneen garuu qubee xixiqqaan eegalanii jiru. Kun immoo seera afaan oroo kan eege miti. Garuu hiika irratti rakkoo tokkollee kan hin dhaqqabsiifne ta’uu ni hubatama.

Hanqina Laafinaafi Jabina Sagalee :-Barreeffamoota xalayaalee hojii waajjiraalee mootummaa keessatti sagalee dubbifamaa ilaalchisee sakatta'i godhamee jira. Sababni isaas, sagaleeleen dubbifamaa Afaan Oromoo yeroo barreeffamu jabeessuufi laaffisuun hiika adda addaa kennuu akka danda'an hubatamaadha. Sagaleen tokko laafaadha kan jedhamu dubbifamaa tokko qofaan kan barreeffamu yoo ta'eedha. Sagaleen tokko jabaachuuf garuu, dubbifamaan gosti tokko lama ta'ee yeroo inni barreeffama keessatti walitti aanuudha. Yaada kana Tafarii (2000) yoo ibsu, "Jecha Afaan Oromoo tokko keessatti laafinni yookiin jabinni sagalee dubbifamaa garaagarummaa hiikaa fida," jedha. Akka yaada kanaatti, barreeffama of keessatti laafuu kan qabu jabaatee, kan jabaachuu qabu immoo laafee yoo barreeffame hiika jechichaa jijjiiruun dhaamsa darbu gufachiisuu akka danda'uudha. Kanaaf, laafinniifi jabinni sagalee hiika jechaa jijjiiruu akka danda'u agarra. Mee xalayaa kallattiin warabame haa ilaallu.

- Akkuma mata duree irratti tuqamuuf yaalametti Federeeshinii Kubbaa <u>*Miilaa*</u> Oromiyaa murteessitoota <u>*kubbaa miilaa*</u> naannoo <u>*oromiyaa*</u> leenjii <u>*murteesummaa*</u> waan kennuuf galama keessan akka fayyadamnu gama keessaniin deeggarsa barbaachisaa ta'e akka nuuf kennitan kabajaan isin gaafanna. Akka jecha armaan olitti luucceffamee jala sararame kana irraa hubachuun danda'amuutti jechoonni kanneen qubeem jabaachuu qaban laafaa ta'anii barreeffamaniiru. Kun immoo ergaa darbu irratti rakkoo qaba. Haala kanaan yoo ilaalle barreeffamaan ergaa dabarfachuun kan danda'amu yoo yoo qubeen sirrii ta'e bakka dhimmichaaf barbaachisutti qubeeffame qofa. Kun ta'uu yoo baate ergaan darbuuf yaalame karaatti hafuu isaati.

## 4.3. Odeeffanoowwan Afgaaffii Irraa Argaman Qaaccessuu

Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'uuf afgaaffiin itti gaafatamtoota waajjiraalee fikatamanii,abbootii adeemsaafi barreessitoota waajjiroota kanneen keessaa hojjetanii maddi rakkoo hanqina qubeessuu maal akka ta'e, adda baafachuuf gaaffiin qaxxaamuraa hojjettoota iddattoota kanneeniif dhiyaatee jira. Gaaffiifi deebiin barreessitoota akka iddattootti filataman waliin taasifame haala armaan gadiin dhiyaatee jira.

**Afaan Oromootiin Xalayaa hojii yeroo barreessitu irra caalatti rakkoon siquunnama jettee yaaddu maal? Maaliif? :-**Gaaffii jedhu gita hojii barreessitootarra kanneen hojjetaniif dhiyaateefii ture. Deebiin barreessitoota kanaa akka armaan gadii kanatti dhiyaateera.yeroo xalayaa barreessan wantoota baay'eetu nama rakkisuu danda'a. Isaan keessa muraasni caasa

afaanii sirriitti beekuu dhabuu ,seera xalayaan ittiin barreeffamu beekuu dhabuu, fi seera barreeffama Afaan Oromoo sirriitti beekuu dhabuun kunneen bal'inaan mul'atu. Kun immoo sababa mataa isaa qaba.innis yeroo baay'ee xalaayaa ani barreessu kanneen hogganaan biiroo fi abbootii adeemsaa harkaan barreessanii natti fidanidha. Yeroo baay'ee akka isaan barreessanitti malee akka seera barreeffama xalayaatti miti. Yoo ani akkataa unka xalayaan nan barreessa jedhe lakkii akkan sitti kennetti barreessi naan jedhu. Kun immoo yeroo baay'ee rakkooleen armaan oliif akka na mudatan haala mijeesseera. Akka yaada armaan olii kana irraa hubannutti rakkoleen irra caalaa yeroo xalayaa barreessan nama quunnamu sababa hoogganaan waajjiraa sun waan inni jedhe qofti akka baarreessitu kallattii kaa'eefidha. Kun immoo guddina afaan oromaa irraatti dhiibbaa mataa isaa qaba.

**xalayaalee Afaan Oromoon barreeffaman irratti hanqinni mul'atan maal irraa maddu jettanii yaadduu? :-**Gaaffii armaan olii kana barreessittuu waajjira hawwaasummaa bul.magaalaa shaashamannee kan taate Adde Singitan Abdallaaf dhiyaateen deebiin ishee akka armaan gadiiti kan lafa keessedha. Innis akka yaada isheerraa dhaga'etti ani yeroon xalayaa barreessu ofii kiyyaan itti yaaanneet osoo hin taane kan hooggantuun kiyyaa barreessitee natti laattudha. Sana irraa jijjiiree yoon seera eeguuf yaale illee akka waan ani ergaa isheen dabarfachuuf yaadde sana karaatti hambisuuf yaale itti fakkaata. Rakkoon akkasii kun ishee bira duwwaa osoo hin taane abbootiin adeemsaa illee ilaalcha akkasii qabu.kanaaf ani sirriis haata'u dogoggora waanuma warri barreessanii natti kennan irraa akka garagalu godha.Yaadni biraan kan ani barreessituu kana biraa argadhe,yeroo ammaa kana teknoolojiin babal'ataa waan dhufeef abbootiin adeemsaa xalayaa yeroo barreessan save gochuun guyyaa biraa rakkoo qabachuufi dhiisuu isaa osoo hin gulaalin baasuu kun immoo hanqinoota xalayaan ergaa dabarfachuu irraan gahaa jira jetti.

Akka yaadolee lamaan armaan olii irraa hubachuun danda'amutti rakkoon xalayaa barreessuu keessatti bal'inaan mulatu,dogoggora sirreessanii barreessuu osoo hin taane waanuma hogganaas ta'ee qaamni biraa barreessi ittiin jedhe barreessuu kan barreessituu fi yeroo ammaa immoo teknooloojiin babal'atee waan jiruuf kompuutera keessatti kan kanaan dura kuusan osoo hin gulaalin baasuutu baay'ata. Kun immoo guddina afaanichaas ta'e xalayaan ergaa dabarfachuu irratti gufuu olaanaa ta'uu akka danda'u ifaadha.

Adde Boonsituu Simboo immoo barreessituu waajjira barnoota bul. Mag. Shaashamanneeti. Waa’ee hanqinoota xalayaa keessatti mul’atan yoo kaastu. Namni itti yaadee kan dogoggoru osoo hin taane baayina hojiifi saafisaan barbaadamuu xalayichaa irraan kan ka’e hanqiinni darbee darbee ni uumama Yaada jedhu kaasti. Yaadni biraan ammo ani barreessituu kana biraa argadhe leenjiin hojiirraa akka hin jirreefi barnoota dabalataa argachuun akka hin jirree lafa keessi. Akka yaada barreessituu kanaatti ammoojarjaraan barreessuu fi leenjii hojii irraa bal’inaan dhibuu kan mula’atudha. Kun immoo namni akka beekumsaan of haaromsaa hin deemne taasisa.kanaafuu waajjira kam keessatti iyyuu yeroo xalayaa barreessan itti yaadanii barreessuu akka qabaniifi nama hundumaaf carraan barnootaa osoo argamee gaarii ta’a.

Gaaffiifi deebii barreessitoota waajjiraalee mootummaa keessaa iddatteeffamanii fudhataman qorataa waliin godhan kanarraa waanti hubatamu, xalayaalee hojii waajjiraalee mootummaa irra dogoggorri qubeessuu bal’inaan kan jiru ta’uu, maddi dogoggora kanneenii ammoo qulqullina dhabuu barreeffama harkaa, itti gaafatamtoonni ykn hojjettoonni xalayaa barreessisan tokko tokko qulqullinaan barreessanii barreessituutti kennuu dhiisuu(qubeessuurratti rakkoo qabaachuu), hojjettoonni tokko tokko afaanichaan baratanii osoo hin taane,muuxannoo fayyadamuun xalayaa waan barreessaniif yeroo baay’ee rakkoon ni uumama. baay’ina hojii salphisuuf ariitiin barreessuun, madda dogoggora qubeessuu waajjiraalee mootummaa magaala shaashamannee akka ta’an namatti agarsiisa.kanneen armaan olii rakkoo gama qubeessuun mul’atuuf madda ta’uu isaanii qorataan qaaccesseera.

Yeroo xalayaas ta’e barreeffamoota biroo yemmuu barreeffamu hanqinootni hedduun ni mul’atu. Hanqinoota kanneen immoo furuuf haaldureewwan raawwatamuu qaban raawwachuuf gaaffii dhiyaateen waalqabatee yaada ka’e akka armaan gadiitti dhiyaateera.Akka yaada barreessituu waajjira konistiraakshinii bul.mag. shaashamannee ibsitetti,rakkoon kun namoota baay’ee biratti hedduminaan mul’ata. Akkamiin furamaa yaada jedhuuf ani akka kiyyaatti leenjiiwwan gaggabaaboofi barnoota qabaachuun murteessaa akka ta’e himteetti. Kan biraan immoo waajjirichuma keessaa abbaa adeemsaa keessa namni tokkoo akka jedhutti gaaffii olitti dhiyaate kanaaf namni ogummaa barreessituutiin leenji’e bakka kanatti ramadamuu qaba yaada jedhu kaasaniiru. Haa ta’u garuu yeroo baay’ee namoonni xalayaa barreessan kanneen muuxannoo fi ogummichaan leenji’an osoo hin taane, kanneen akkasumaan ogummaa biraan leenji’an xalayaa barreessuuf yeroo yaalan hanqinoota hedduutu

isaan biratti mul'ata. Kanaafuu hanqinni kun akkamiin furamaa kan jedhuuf namni ogummaa kanaa leenji'e qofti ogumichaatti dhimma bahuu qaba.Akkasumasnamni afaanichaan barate jechuun seera afaan sanaa sirriitti gadi fageessee beeku, xalayaa barreessuu qaba jedhu. Yoo ta'uu baatexalayaan ergaa dabarfachuun rakkisaa ta'uun isaa hin oolu yaada jedhu kaasan

Akka yaada armaan olii irraa hubachuun danda'amutti,hanqinootni kunneen sirraa'uu kan danda'an namni ogummichaan leenji'ee fi kan seera qubee afaan oromoo barate,akkasumas yeroo adda adda leenjii hojiirra kan qabu akka barbaachisu nama hubachiisa. Kan biraan ammo leenjii qofaa osoo hin taane muuxannoo xalayaa barreessuu jiraachuu akka qabu eeraniiru.

## 4.4. Odeeffannoowwan Bargaaffii Irraa Argaman Qaaccessuu

Odeeffannoowwan bargaaffii irraa argaman immoo akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru. Innis gaaffileen 15 dhimma kaayyoo qorannoo kanaan walqabatu odeef kennitoota 24f bargaaffiin fuula 3 qabu qophaa'ee odeeffannoon funaanamee jira. Akka bulchiinsa magaalatti xalayaa ergaa dabarfachuu irratti qeeqa hedduutu ka'aa jira.qeeqa kanneen furuuf qorannoon kun qophaa'ee akka adeemsifamuuf bargaaffiin qophaa'ee, xiinxalliifi hiikni itti kennameera.kanneen mara akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Yaada qubee ittiin barataniin walqabatu:-Akka yaada bargaaffii barreeffama dhiyaaterraa odeeffannoo argannetti namoonni xalayaa barreessan irra caalaan isaanii qubee afaan amaaran baratanii kan turan yoo ta'u, qubee laatinii garuu kan barreessan baratanii osoo hin taane muuxannoodhan kan barreessan ta'uu bira ga'ameera. Namoota kanneen immoo yeroo xalayaa barreessan rakkoolee hedduutu isaan mudata. Sababiin isaas seera Afaan Oromoo sirriitti waan hin baranneef,sirna tuqaalee, dheeressuufi gabaabsuu, laaffisuufi jabeessuu, akkasumas irra butaa, caasaa afaanii eeguu dhabuu fi qindoomina barreeffamaa eeguu dhabuun,dabalatees filannoo jechootaa irratti hanqina hedduutu isaan mudata. Rakkoolee armaan olii kana keessaa bal'inaan kan mul'atu,caasaa afaanii eeguu, filannoo jechootaafi qubee laaffisuufi jabeessuu, akkasumas dheerinaafi gabaabina sagalee irratti hanqina hedduutu isaan mudachuu hubachuun danda'ameera.

Yaada barattanii moo muuxannoon xalayaa barreessituu kan jedhuun walqabatee:-Namoota bargaaffiin dhiyaateef 24 keessaa namoonnii 20 qubee laatiniitiin baratanii osoo hin taane muuxannoo jireenya keessatti horatan irraa akka ta'e bargaaffii dhiyaaterraa hubachuun danda'ameera. Namoonni hafan immoo; jechuun namoonni 14 qubee latiniitiin kan baratan

ta’uu hubatameera. Walumaa galatti namoonni kunneen waajjira keessatti xalayaa barreessanifi Abootii Adeemsaafi Itti Gaafatamoota waajjiraati. Isaan kunneen immoo xalayaa barreessuudhan kanneen walitti dhiyeenya qabanidha.

Yaada irraa caala rakkoolee akkamiitu isin quunnamee beekaa ?maaliif jedhuun walqabatee :- Yeroo baay’ee namoota xalayaa barreessan birati hanqinoota hedduutu mul’ata. Hanqinoota kanneen immoo sababa namoota kanneen mudatuuf qaba. Haa ta’uutii namoota hunda biratti hanqinootni wal fakkaataan hin mul’atu. Garuu namoota muraasa biratti hanqinootni walfakkaatan darbanii darbanii kan mul’atan ta’uu hubachuun danda’ameera. Haaluma kanaan namoota bargaaffiin dhiyaateef 24 keessaa namoota 9 yeroo xalayaa barreessan hanqinoota kanneen akka qubeessuu, namoonni 6 immoo sirna tuqaalee fi caasaa afaanii sirriitti eeguu dhabuu kan jedhufi akkasumas hanqinoota filannoo jechootaa namoota4 (afur) biratti mul’achuu isaa hubatameera.sababiin iisaa immoo baratanii osoo hin taane muuxannoon waan barreessaniif akka ta’e bira ga’ameera. Walumaa galatti hanqinootni irra caalatti namoota xalaayaa barreessan biratti bal’inaan mul’atu/irra deddeebiin mul’atu kanneen armaan olitti eerameen alatti kanneen akka qubguddeessa,irra butaa,laafinaa fi jabina sagalee,akkasumas dheerinaafi gabaabina sagaleewwanii xalayaa barreessuu keessatti darbee darbee kan mul’atan ta’uu nu hubachiisa.

Yaada madda rakkoo xalayaalee Afaan Oromootiin barreeffamanii bahaniin walqabatu :-Akka bargaaffii odeef-kennitoota irraa funaanametti barreeffama xalayaa keessatti rakkoolee uumamaniif madda ta’a kan jedhame, jalqabuma barnoota yeroo baratan afaan oromootiif xiyyeeffanno kennuu dhabuu,kun immoo caasluga beekuu irratti rakkoo namatti ta’a. akkasumas yeroo xalayaa barreessan xiyyeeffanoo kennuu dhabuu, shaakala barreessuu dhabuu yaada jedhu bargaaffii dhiyaaterraa argachuun danda’ameera. Akka armaan olitti ibsamuuf yaalametti dhimmi yeroo baratan irraa kan jedhu namoota afgaaffiin dhiyaateef 24 keessaa namoonni 11 dhimmi kunbu’uurarraa beekumsa caaslugaa yookiin ijoolleen yeroo baratan akkaataa qajeelfamaatiin xiyyeeeffannoo afaanichaaf kennuu dhabuu, kan jedhu yoo ta’u,odeef kennitoonni 5 ammoo shaakala barreessuu dhabuudha jedhanii yaada isaanii lafa kaa’u. Kanneen hafan 5 immoo yeruma xalayaa barreessan xiyyeeffannoo olanaan barreessuu dhabuufi erga barreessanii booda,osoo hin baasin gulaaluu dhabuu akka ta’e bargaaffii dhiyaaterraa hubachuun danda’ameera. Odeeffannoowwan armaan olitti ibsaman hunda isaanii gabatee kaasnee walduraa duubaan haa ilaallu.

Gabatee :2 qaaccessa bargaaffilee hanqinoolee barreeffama xalayaalee waajjiraa mootummaa keessatti hanqinaalee

| Lakk. | Tartiiba Gaaffilee | Filannoowwa | Baay'ina odeef kennitootaa | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Dhi | Dub | Wal | % |
| 1 | Yaada xalayaa barreessitee beektaa ? | Eeyyee | 14 | 10 | 24 | 100 |
| | | Lakkii | - | - | - | - |
| | | Ida'ama | | | | 100 |
| 2 | Yoo gaaffiin kee 1ffaa eeyyee ta,e | Barattaniimoo | 5 | 5 | 10 | 41.7 |
| | | Muuxannoon | 8 | 5 | 14 | 58.3 |
| | | Ida'ama | | | | 100 |
| 3 | Xalayaa isin barreessitan kan dhuunfaa moo kan hojiitii? | Kan dhuunfaa | 3 | - | 3 | 12.5 |
| | | Kan hojii | 11 | 10 | 21 | 87.5 |
| | | Ida'ama | | | | 100 |
| 4 | Afaan Oromootiin xalayaa yeroo barreessitan irra caalaa rakkoon isin quunnamu kami? | Qubeessuu | 5 | 4 | 9 | 37.55 |
| | | Itti fayyadama sirna tuqaalee | 4 | 2 | 6 | 25 |
| | | Seera Afaanichaa eeganii barreessuu dhabuu | 2 | 3 | 5 | 20.83 |
| | | Filannoo jechootaa | 3 | 1 | 4 | 16.66 |
| | | Ida'ama | | | | 100 |
| 5 | Yeroo tokko tokko xalayaaleen Afaan Oromoon barreeffamanii waajjira keessan irraa bahan hanqina qubeessuu,sirna tuqaalee,qub guddeessa,akkasumas hanqina qindoominaa achi keessatti mul'atan maal irraa maddu isinitti fakkaataa? | Beekumsa caaslugaa dhabuu | 7 | 4 | 11 | 45.833 |
| | | Shaakala barreessuu dhabuu | 3 | 2 | 5 | 20.833 |
| | | Xiyyeeffannoo itti kennuu dhabuu | 2 | 3 | 5 | 20.833 |
| | | Hunda | 2 | 1 | 3 | 12.53 |
| | | Ida'ama | | | | 100 |

Gabatee: 2 irraa akka hubachuun danda'amutti odeef kennitoonni gaafataman 14 yaada waa'ee xalayaa barreessitee beektaa? Jedhuun walqabatee ka'ee keessaa hundi isaanii eeyyeen yaada jedhu kaa'an. Akkasumas gaaffii 2ffaa irratti,deebiin gaaffii 1ffaa eeyyee yoo ta'e barattanii moo muuxannoon kan jedhuuf odeef-kennitoota dhiyaatan keessaa namoonni 14(58.3%) eeyyeen baranneeti yoo jedhan namoonni 10(41.7%) immoo muuxannoo jireenya keessatti horannedha jechuun deebisaniiru. Gaaffii 3ffaa dhimma waa'ee xalayaa isin

barreessitan kan dhuunfaati moo kan hojiitti jedhuun walqabatee odeef kennitoota 3(12.5%) kan dhuunfaa yoo jedhan odeef kennitoonni 21(87.5%) immoo kan hojii jechuun yaada isaanii kennaniiru. Akka gabatee:2 gaaffii 4 irraa hubachuun danda'amutti, rakkooleen yeroo xalayaa barreessitan isin quunnaman kan jedhuun walqabatee,gaaffii ka'een odeef kennitoonni 9(37.55) hanqina qubeessuu yoo jedhan,namoonni 6( 25%) immoo itti fayyadama sirna tuqaalee jedhanii kan deebisan yoo ta'u odeef-kennitoonni 5(20.833%) seera afaanichaa eeganii barreessu dhabuu jechuun deebisaniiru. Dhumarratti odeef kennitoonni 4(16.66%) rakkoon yeroo baay'ee nu quunnamu filannoo jechootaati jechuun kaa'aniiru.

Akka gabatee: 2 gaaffii 5ffaa irratti Yeroo tokko tokko xalayaaleen Afaan Oromoon barreeffamanii waajjira keessan irraa bahan hanqina qubeessuu,sirna tuqaalee,qub guddeessa,akkasumas hanqina qindoominaa achi keessatti mul'atan maal irraa maddu isinitti fakkaataa? Kan jedhuuf odeef kennitoota 24 keessaa 11(45.833%) beekumsa caaslugaa afaanichaa beekuu dhabuu jechuun akka deebisan waraqaa bargaaffii dhiyaaterraa hubachuun danda'ameera. Odeef kennitoonni 5(20.833%) shaakala barreessuu dhabuu jedhanii deebisaniiru. Akkasumas odeef kennitoonni 5(20.833) xiyyeeffannoo itti kennuu dhabuu jechuun yaada isaanii lafa ka'aniiru. Dhuma irratti odeef kennitoonni 3 rakkooleen kun hunduu akka mul'atan /akka uumaman/ himaniiru.

Walumaagalatti gaaffii 1 hanga 5 gabatee:2,irraa hubachuun danda'amutti rakkoolee xalayaa barreesuun walqabataniin walqabatee ka'an akkaata gabaticha irraa hubachuun danda'amutti,hojjettoonni waajjira bulchiinsa mag.shaashamannee xalayaa barreessuu irratti kan hirmaataniif bargaaffii dhiyaaterraa hubachuun danda'ameera. Akkasumas namoonni xalayaa barreessan keessaa 58.2% qubee laatinii baratanii kan barreesan yoo ibsan kanneen hafan odeef kennitoota 41.8% immoo qubee laatinii baratanii osoo hin taane,muuxannoo jireenya keessatti horataniin kan barreessan ta'uu bargaaffii dhiyaateef irraa hubachuun ni danda'ama. Egaa akka gabatee armaan olii gaaffilee adda addaa irraa hubannu kanatti,irra caalaa rakkooleen yeroo adda adda mul'atu, beekumsa caaslugaa,qubeessuu, itti fayyadama sirna tuqaalee fi filannoo jechootaa ta'uu isaa gabaticha irraa adda bahuu danda'ameera.

Gabatee:3,bargaaffii waa'ee hanqina barreeffama xalayaaleen walqabatanii dhiyaatan akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

| Lakk. | Tartiiba Gaaffilee | Filannoowwa | Baay'ina odeef kennitootaa | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Dhi | Dub | Wal | % |
| 6 | Afaan Oromootiin xalayaa barreessuu keessatti ijaarsa himaa , | A. Seera afaanichaa wallaaluu | 4 | 1 | 5 | 20.833 |
| | | B. Fedhii barreessuu dhabuu | 3 | 1 | 4 | 16.666 |
| | | C. Shaakala barreessuu dhabuu | - | 2 | 2 | 8.333 |
| | | D. Xiyyeeffannoo itti kennuu dhabuu | 7 | 6 | 13 | 54.166 |
| | | Ida'ama | | | | |
| 7 | Afaan Oromootiin xalayaa barreessuu irratti rakkoolee qabdan fooyyeffachuuf tattaaffiin isin gootan maal fakkaata? | A. Baay'ee olaanaa | 14 | 10 | 24 | 100 |
| | | B. Olaanaa | - | - | - | - |
| | | C. Gadaanaa | - | - | - | - |
| | | D. Daraan gadaanaa | - | - | - | - |
| | | Ida'ama | 14 | 10 | 24 | 100 |
| 8 | Afaan Oromootiin xalayaa yemmuu barreessitan hanqina fooyyessuuf kanneen gadii keessaa kam irratti xiyyeeffachuu qabduu?maaliif? | A. Seera xalayaa barreessuu | | | | |
| | | B. Sirna tuqaalee | | | | |
| | | C. Caasaa Afaanii | | | | |
| | | D. Hunda. | 14 | 10 | 24 | 100 |
| | | Ida'ama | 14 | 10 | 24 | 100 |
| 9 | Xalayaan yemmuu barreesitan hiriyootni keessan akka isiniif gulaalan ni affeertuu? | A. Eeyyeen | 5 | 2 | 7 | 29.2 |
| | | B. Lakkii | | | | |
| | | C. yerroo tokko tokko | 9 | 8 | 17 | 70.8 |
| | | Ida'ama | 14 | 10 | 24 | 100 |
| | | | | | | |

Akka gabatee:3 gaaffii 7 armaan olii irraa hubachuun danda'amutti,yaada waa'ee Afaan Oromootiin xalayaa barreessuu irratti rakkoolee qabdan fooyyeffachuuf tattaaffiin isin gootan maal fakkaata?jedhuun walqabatee ke'een namoonni 24(100%) hanqinoota qaban fooyyeffachuuf kaka'umsa olaanaa akka taasisan bargaaffii dhiyaaterraa hubachuun danda'ameera.

Akkasumas akka gabatee 3 gaaffii 8 irraa hubannutti, dhimmaa waa'ee Afaan Oromootiin xalayaa yemmuu barreessitan hanqina fooyyessuuf kanneen gadii keessaa kam irratti xiyyeeffachuu qabduu?maaliif? gaaffii jedhuuf,namoota 24(100%) filannoowwan dhiyatan hunda fooyyeeffachuuf kan tattaafatan ta'uu bargaafficha dhiyaaterraa hubachuun

danda’ameera. Dabalataanis gabateedhuma kana gaaffii 9ffaa irratti yaada waa’ee Xalayaan yemmuu barreesitan hiriyootni keessan akka isiniif gulaalan ni affeertuu? Jedhuun walqabatee ka’e irratti namoota hirmaatan keessaa namoonni 7(29.2%) eeyyeen ni affeerra yoo jedhanii deebisan, namoonni 17(70.8%) immoo yeroo tokko tokko akka gulaalaniif hiriyoota isaanitti akka laadhatan bargaafficharraa hubachuun danda’ameera.

Walumaa galatti bargaaffii gabatee armaan olii irraa hubachun akka danda’amutti dhimma hanqinoolee barreeffama xalayaa keessatti nama quunnamaniin walqabatee ka’an yoo cuunfinee ilaallu,namoonni xalayaa barreessan hanqinoota qaban fooyyeffachuuf kan tattaafatan ta’uufi xiyyeeffannoon isaanii kan kaayyoo qorannoon kun qabatee ka’een kan walfakkaatu ta’uu bargaaffii dhiyaatee qaacceffame kana irraa hubachuun ni danda’ama. Inni kan biraan immoo xalayaa erga barreessanii xumuranii booda hiriyootaan akka gulaalamuuf kan jedhuun walqabatee yaadni qaaccessarra hubatame, irra caalaa yeroo tokko tokko qofa kan hiriyootatti kennatan ta’uu hubatameera.

# Boqonnaa shan : Cuunfaa,Argannoofi yaboo

## 5.1. cuunfaa

Qorannoon kun qaaccessa barreeffamoota xalayaalee waajjiraalee mootummaa Haala qabatamaa bul.mag. shaashamannee irratti xiyyeeffatee kan adeemsifameedha. Mataduree kanarratti qoratichi qorannoo isaa akka adeemsisuuf ka'umsa kan ta'eef, barreeffama xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti hanqinaalee mul'achaa jiran irrattidha. Xiinxala taasifamu kana keessattis, hanqina sirna tuqaalee,qindoominaa,qubeessuufiqabiyyeefi unkaan kan walqabatan xalayaalee waajjiraalee mootummaa irratti mul'atu adda addaaf furmaata barbaachisan kaa'uudha.

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa hanqinoota barreefamoota xalayaalee waajjiraalee mootummaa bul.mag. shaashamannee sakatta'uun yaada furmaataa eeruudha. Kaayyoo kana irraa ka'uudhaan qorataan gaaffilee bu'uuraa qopheeffachuun ragaalee adda addaa funaannachaa tureera. Meeshaaleen ragaaleen ittiin funaanaman: afgaaffii hogganaa waajjiraafi abbootii adeemsaa waajiraalee keessatti argamaniif dhiyeessuun, akkasumas bargaaffii hojjettota waajiraa filatamaniif dhiyeessuun dhumarratti xalayaalee bara 2011 keessa bahii ta'an xalayaalee sakatta'uun kan raawwatame dha. Ittidabalees, qoratichi malli inni qorannoosaa kana ittiin geggeesse makaadha. Mala kanatti fayyadamuudhaan odeeffannoo funaannatee ragaalee isaa qaaccesseera.Qorannoo kana keessatti qoratichi waajjiraalee mootummaa bul.magaalaa shashamannee keessa jiran keessaa kaayyeffatee waajjiraalee 8/saddeet/ madda odeeffannoo kan ta'aniif filachuun, achi keessaa odeef-kennitoota 35 filachuun odeeffannoo walitti guurratee qorannoo isaaf ragaa taasifateera. Kanarraa kan ka'e, ragaalee Dookimentii, bargaaffiifi afgaaffiin walitti qabaman mala ibsaafi lakkoofsaatti gargaaramuun xiinxalliin kan taasifameedha.

## 5.2. Argannoo

Hanqinoota Afaan Oromootiin qubeessuu barreeffamoota xalayaalee waajjiroolee mootummaa Bul. Mag. Shaashamannee keessatti mul'atan addaan ba'anii jiru. Hanqinootni kunneenis,

- yeroo ammaa kana dagaagaa dhufuu irraan kan ka'e namoonni baay'ee waan kanaan dura hojjetan ol kaa'uun irra deebiin fayyadamuuu/ soft copy fayyadamuu

- yeroo xalayaa barreessan hanqinaaleen adda addaa akka isaan hin mudanneef namni biraa akka gulaaluuf walitti kennachuu dhabuu
- leenjiin hojiirraa namoota xalayaa barreessaniif kennamuu dhabuu
- hooggantoonni waajjiraalee tokko tokko akka seerri barreeffama Afaan Oromoo jedhutti osoo hin taane akka ofii isaanii fedhanitti akka barreeffamu namoota gita hojii barreessituu irratti hojjetan irraan dhiibbaa gahuu
- Muuxannoo barreessuu dhabuu
- Yeroo xalayaa barreessan xiyyeeffannoo itti kennuu dhabuu
- Galumsa jechaa wallaaluu
- Duraa duuba jechaa eeggachuu dhabuu
- Seera itti fayyadama sirna tuqaalee wallaaaluu
- Yeruma baratan Afaan Oromoof xiyyeeffannoo kennuu dhabuu
- Qabiyyee xalayaalee isaanii keessatti , jechoota hubatamuu hindandeenye fayyadamuun ergaa salphaatti darbuuf ture irratti danqaa ta'aa jiraachuu isaanii kan argameedha.

Hanqinoota arman olitti eeraman xalayaaleen qabatanii bahan miidhaa akka qaban adda baheera. Miidhaaleen kunneenis, dhaamsa xalayichaa salphaatti hubachuurratti danqaa ta'uu(dhaamsi xalayichaa hiika dhabuu), waaltina afaanii irratti rakkoo qabaachuu, yeroo dheeraa booda dogoggora akkasii kun akka sirrii ta'eetti amaleeffataa deemuu, rakkoo hiika jechaa jijjiiru fiduu akka danda'u bira gahameera. Kana jechuun jechi tokko yeroo barreeffamu haala barreeffamuu barbaadeen yoo hin barreeffame kaayyoo barreeffameef dhiisee hiika biroo qabaachuu ykn hiika qabaachuu dhiisuu akka danda'u bira ga'ameera.

## 5.3. yaboo

Akka bu'aa qorannichaatti, rakkoolee barreeffamoota xalayalee waajjiroolee mootummaa bul. Mag. Shashamannee furuuf gumaachi qaamolee adda addaa murteessaadha. Qaamolee kanneen keessaa gaheen barreessitootaa iddoo olaanaa yommuu qabatu; gaheen ittigaafatamtootaa, abbootii adeemsa waajjiraalees salphaa miti.

- Barreessitoonni yommuu barreessan ariitii malee suuta jedhanii qabiyyee xalayaa isaaniifi seera barreeffama Afaan Oromoo barreessuu qabu,

- erga barreessanii xumuranii booda irra deebi'anii dubbisuu ykn namni biraa akka dubbisuu taasisuu qabu.
- Dabalataanis, xalayaaleen barreeffamanii osoo hin raabsamiin dura itti gaafatamaatiin gulaalamanii mirkanaa'uun bahii tahuu akka qabu,
- namoota xalayaa barreessan ilaalchisee warra barnoota afaanii qabaniif dursa kennuun,
- barreessitootaaf deeggersa gochuun(leenjii gaggabaaboo kennuun),
- marii gaggabaabaa hojjettoota waajjiraa waliin gochuun hanqinoota xalayaalee waajjira mootummaa keessaa bahan hanbisuun nidanda'ama.
- Hordoffiifi deeggarsi karaa waajjira Aadaaf Tuurizimii ta'e karaa dhaabbilee barnoota olaanaa cimuunis baay'ee barbaachisaa akka ta'e yaada qorataa qorannoo kanaati .
- Qabiyyee xalayaa isaanii keessatti yaada hubatamuu hin dandeenye fayyadamuu dhiisuu

## Wabiilee


Abarraa Kaasayee (2010). *Afaan Oromoo (Kutaalee 9ffaa fi 10ffaaf).* Finfinnee: Biroo Barnoota Oromiyaa

Addunyaa Barkeessaa, (2011). *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinee. Oromiyaa.

Addunyaa Moosisaa,(2009), "Qaacceesa Rakkoolee Afaan Oromootiin Qubeessuu Barreeffama Xalayaalee Waajjira Mootummaa Aanaa Bakkoo Tibbee" waraqaa MA kan hin maxxanfamne .Wallagaa University

Alamuu Waaqgaarii, (2007). *"Qaacceessa Dogoggora Qubeessuu Barattoota Kutaa Kudhanii Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa Alam Tafarii."* Un published MA Thesis. Addis Ababa: AAU.

Argaw Silashi (2007). *A New Approach to English Grammar.* Addis Ababa. Aster Nega publishing Enterprise.

Asafaa Tafarraa, (2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far East trading PLC.

Barbe, W.Francis, and Braun, A (1982), *Spelling: Basic Skills for Effective Communication*. Columbus, Ohio: Zaner-Bloser, Inc.

Balaay Seeqaa. (2003). *Xiyyeeffannoo: Barnoota Afaan Oromoo*: Finfinee: Dhaabbata Maxxansa Meeggaa.

Berg, B. (2001). *Qualitative Research Methods for Social Science*. Califrnia state University. Long Beach.

Brown, D. (1993). *Principle of Language and Teaching*. London: prentice Hall.

Byrane, O. (1988). *Teaching writing skills.* London: Long man Group Ltd.

Clandinin, D. (2000). *Narrative Inquiry: Experience And Story In Qualitative Research San*

Corder, S.P. (1974). *The Significance of Learners Errors: International Review of Applied Linguistics Vol. 5 pp. 161-170*

Crystal, D. (1987). *The Cambridge Encyclopedia of Language*. Cambridge: Cambridge University Press.

Dastaa Dassaalany, (2002). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Boolee

Dawson. L, (2004). *School letter.* India: pentagon press

D. Mergia, (2002). *Vital Letters*: Addis Ababa: Aster Nega publishing enterprise.

Edge. J (1989). *Mistakes And Correction. Long Man Keys To Language Teaching*: New York:

Longman publishing.

Ellils, R. (1994). *The Study Of Second Language Acquisition*. Oxford: Oxford University Press

Geetaachoo Rabbirraa, (2006) *Quba Qabduu? Bu'uuraalee Barnoota Afaan Oromoo*: Finfinnee: Mana Maxxansaa Afrikaa.

_________, (2007). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo:* Finfinnee: Dhaabbata Kurraaz Internaashinaal.

Hizqeel Tashoomaa (2010) "*Qaaccessa Xalayaalee Hojii Gama Unkafi Qabiyyeen Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Laaloo Assaabii Magaalaa Innaaggoo*" waraqaa MA hin maxxanfamne.Yuunversiitii Finfinnee

Hornby. (2005). *Oxford Advanced learners Dictionary*. (7th ed.) Oxford: Oxford University press.

Kothari, C.R (1990). *Research Methodology, Methods and Techniques (second Rivised Editions).* India: University of Rajashan.

*Nine Students' Spelling Errors At Don Bosco High And Preparatory School In Batu*," Jimma: Jimma University Journal of Language and culture vol. 2pp. 103-113

Misgaanuu Gulummaa, (2011). *Kattaa: Ogummaa Barreessuu*. Finfinnee: Oromiyaa.

_____________ (2012) *Biiftuu Guddina Afaanii*. Finfinnee: Oromiyaa.

Basic Book Inc, Publishers.

Nasise Chali, (2008/9). *Oromia Today*. Finfinnee: Publishing of Oromia.

Norish, J. (1992). *Language Learners And Their Error: ELTS*. London: McMillan publishers.

Nunan, D. (1992). *Research Methods In Language Learning*. Cambridge: Cambridge University press.

Peters L.M, (1985), *Spelling Cought Or Thought*? London: Routledge kegan paul PLC.

Richards, J.C (1974). *Error Analysis: Perspective On Second Language Acquisition*. London and New York: Longman Group Uk limited.

Sanbatoo Bushaa fi Tasfaayee warqee (1993). *Qubee Afaan Oromoo*. Finfinnee.

Sinclair, J. (2001). *English Dictionary For Colvi Advanced Learners*. (3rd.ed) Collins; cobuild: Harper Collins publisher.

Tafarii Ayyaanaa (1998). *New Systematic Book Series*. Fininnee: Oromiyaa.

Temple, M, (1995) *Basic Spelling*. London: Harper Collins Publishers Ltd.

Tilahuun Gamtaa, (1994). '*Qubee Afaan Oromoo: Reason For Choosing The Latin Script For*

*Developping An Oromo Alphabet.'* Journal of Oromo studies V.I.No.pp. 36-0

Book Ltd.

Wiersma, W(1995). Research Method In Education: An Introduction. (sixth ed.). Boston: Allyn and Bacon.

## DABALEE 'A'

***YUNIVERSITII FINFINNEETTI KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OGBARRUUFI FOOKILOORII OROMOO***

Gaaffii Barreeffamaa Hojjettoota mootummaaf dhiyaate.

Bargaaffiin kun xiinxala xalayaalee hojii waajjiroolee mootummaa irratti odeeffannoo funaanuuf kan qophaa'edha. Kanaafuu deebiin isin kennitan dhimma qorannoo kanaaf qofa kan oolu ta'uu hubattanii amanamummaadhaan odeeffannoo sirriifi qulqulluu ta'e akka naaf laattan kabajaanan isin gaafadha.

Galatoomaa!

Gaaffilee dhiyaataniif filannoo keessan duratti mallattoo (X) saanduqa keessa kaa`aa. Yaada dabalataa yoo qabaattan barreessuu hindagatinaa.

Maqaa barreessuun hinbarbaachisu.

Waajjira keessaa hojjettan______________________________________.

Saala : Dhiira ☐ Dubara ☐

Umrii : 20-25 ☐ 26-30 ☐ 35fi ol ☐

Bara Tajaajilaa: 1-5 ☐ 6-10 ☐ 11-15 ☐ 16-20 ☐

21-25 ☐ 26-30 ☐ 31fi ol ☐

Gahee Hojii: ____________________________________________________.

Gosa barnootaa:____________________bara __________________

Sadarkaa Barnootaa: Dhaabbata Leenjii ☐ Dippiloomaa ☐ BA/BSc ☐ MA/MSc ☐

Qubee ittiin barattan: Qubee Afaan Amaaraa ☐ Qubee laatinii ☐

1.xalayaa barreessite barreessitee beektaa? A,Eeyyee ☐ B,lakkii ☐

2. Yoo deebiin keessan gaaffii 1ffaa eeyyee ta'e:  Barattaniimoo ☐   Muuxannoon ☐

3.xalayaa isin barreessitan:  kan dhuunfaa ☐   kan hojii ☐

4. xalayaa yeroo barreessitan rakkoolee  akkam  akkamiitu  isin qunnamee beekaa? Maalif?

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

5. Afaan Oromotiin xalayaa, barressuu keessatti kanneen armaan gadii keessaa irra caalaatti rakkoon si qunnamu kami?  A. Qubeessuu ☐   B. itti fayyadama sirna tuqaalee ☐

C. Seera afaanichaa eeganii barreessu dhabuu ☐   D.Filannoo jechootaa ☐

6. Yeroo tokko tokko xalayaa  barreeffamee gara keessa dhufu hin dubbistan jedhamtanii hamatamtu.   A, Dhugaa ☐   B, soba. ☐

7. Gaaffii 6ffaa irratti deebiin keessan 'dhugaa' yoo ta'e maaliif jettanii yaadduu?______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

_____

8.yeroo tokko tokko  xalayaaleen Afaan Oromoon barreeffamanii waajjira keessan irraa bahan hanqina qubeessuu,sirna tuqaalee, qub-guddeessuu, hanqina qindoominaa  keessatti mul'atan maal irraa maddu isinitti fakkaata?

A. Beekumsa caasluga afaanichaa beekuudhabuu ☐   B. Shaakala barreessuu dhabuu ☐

C. Xiyyeeffannoo itti kennuu dhabuu ☐   D. Hundaa ☐

9.Afaan Oromootiin xalayaa barreessuu keessatti ijaarsa himaa,duraa duuba jechaa eeguu dhabuufi kkf, mul"ataniif maddi isaa maal isinitti fakkaata?

A.seera afaanichaa wallaaluu ☐   B. Fedhii barreessuu dhabuu ☐

C. Shaakala barreessuu dhabuu ☐ D. Xiyyeeffannoo itti laachuu dhabuu ☐

10. Afaan Oromootiin xalayaa yeroo barreessan rakkoolee garaagaraan guutanii barreessuun afaanicha rakkoo akkamiif saaxila jettanii yaaddu?

________________________________________________________________________________

________________________________________________________________________________

__________________________________________________________________

11. Afaan Oromootiin xalayaa barreessuu irratti rakkoolee qabdan fooyyeeffachuuf tattaaffiin isin gootan maal fakkaata? A. Baay‟ee ol- aanaa ☐ B. Ol‟aanaa ☐

C.Gadaanaa ☐ D. daran gad-aanaa ☐

12. Afaan Oromoon xalaayaa yemmuu barreesitan hanqina fooyyessuuf kanneen gadii keessaa kam irratti xiyyeeffachuu qabdu? Maalif?

A. seera xalayaa bareessuu ☐ B. Sirna tuqaalee ☐

C. Caasa Afaanii ☐ D. Hunda ☐

13. xalayaa yommuu barreessitan hiriyoota keesan akka isinii gulaalaniif ni affeertuu?

A.Eyyee ☐ B. Lakki ☐ C. Yeroo tokko tokko ☐

## DABALEE 'B'

*YUNIVERSITII FINFINNEETTI KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OGBARRUUFI FOOKILOORII OROMOO*

*Af-Gaaffii Hojjettoota Waajjiraalee Mootummaaf Dhiyaate*

Afgaaffiin kun xiinxala xalayaalee hojii waajjiroolee mootummaa irraatii odeeffannoo funaanuuf kan qophaa"edha. Kanaafuu, deebiin isin kennitan dhimma qorannoo kanaaf qofa kan oolu ta"uu beektanii amanamummaadhaan odeeffannoo sirriifi qulqulluu ta"e akka naaf laattan kabajaanan isin gaafadha.

Galatoomaa!

Saala : Dhiira ☐ Dubara ☐

Umrii : 20-25 ☐ 26-30 ☐ 35fi ol ☐

Bara Tajaajilaa: 1-5 ☐ 6-10 ☐ 11-15 ☐ 16-20 ☐

21-25 ☐ 26-30 ☐ 31fi ol ☐

Gahee Hojii: ____________________________________________

Gosa barnootaa:____________________bara __________________

Sadarkaa Barnootaa: Dhaabbata Leenjii ☐ Dippiloomaa ☐ BA/BSc ☐ MA/MSc ☐

Qubee ittiin barattan: Qubee Afaan Amaaraa ☐ Qubee laatinii ☐

1. Afaan Oromootiin xalayaaa hojii barreessuu keessatti irra caalaatti rakkoon isin quunnamu maali? Maaliif?

2. xalayaalee Afaan Oromootiin barreeffaman irratti hanqinni mul"atan maalirraa maddu jettanii yaaddu?


3. xalayaalee Afaan Oromootiin barreeffaman irratti hanqinni mul"atan akkamiin furamuu danda'u jettanii yaaddu?

4. xalayaalee hojii Afaan Oromootiin barreessuu keessatti rakkoolee isin mudatan furuuf yaaliin isin taasiftan jiraa? Yoo jiraate maalfa‟i?

5. xalayaalee hojii yommuu barreessitan maalfaa iraatti akka xiyyeeffattan ni beektuu? Yoo beektan maalfaadha?

6. xalayaalee Afaan Oromootiin barreeffaman keessatti hanqinoonni mul‟atan afaanicha rakkoolee akkamiif saaxiluu dandaa`a jettanii yaaddu?

# DABALEE ‘C:suurawwan dokkimentii sakkata’ame



Mootummaa Biyyoolessa Naannoo Oromiyaa
Bulchiinsa Magaalaa Shaashamannee
Waajjira Barnootaa Bul/Mag/Shaashamannee

Biiroo Barnoota Oromiyaa tiif
Finfinnee


Lakk/Ref.NoW/B/BMSH/__ __/___
Guyyaa/Date 17/10/2011

Dhimmi:- Ragaa Barnoota Leenjii Gannaa Erguu Ilaala.

Akkuma mata dura irratti ibsamu yaalametti adeemsa hojii Laruu-barsiisuu keessatti barsiisonni beekumsa, dandeetti fi ilaalcha barattootaa haala quubsaa ta'een cimsuuf of'i isaaniitiif sadarkaa barnootaa isaanii fooyyeffachaa deemuun isaanii barbaachiisaa waan ta'eef barsiisoota digrii 1ffaaf gosa barnootaatiin calallee akka erginu dhaamsa bilbiilaan nuuf dabarsitanii jirtu.

Bu'uuruma kanaan haaluma gahoo isin nuuf kennitan irratti hundoofne barsiisoota gosa barnootaa isaaniitiin A/Amaaraa 1, A/Oromoo 1, A/Ingiliizii 1, Baayoolojii 1, Kemistirii 1, Fiiziksii 1, Herreegaa 1, ICT 1, HPE 1,BTD 1, Muzic 1, Special need 1 fi Art 1 waliigala Barsiisoota 13 barnoota digrii 1ffaa fillee kan ergine ta'uu isin beeksifna.

Nagaa Wajjiin



Mootummaa Biyyoolessa Naannoo Oromiyaa
Bulchiinsa Magaalaa Shaashamanneetti
Waajjira Barnootaa Bul/Mag/Shaashamannee

Biiroo Barnoota Oromiyaa tiif
Finfinnee


Lakk/Ref.NoW/B/BMSH/___/___/____
Guyyaa/Date 17/10/2011

Dhimmi:- Ragaa Barnoota Leenjii Gannaa Erguu Ilaala.

Akkuma mata dura irratti ibsamu yaalametti adeemsa hojii Laruu-barsiisuu keessatti barsiisonni beekumsa, dandeetti fi ilaalcha barattootaa haala quubsaa ta'een cimsuuf of'i isaaniitiif sadarkaa barnootaa isaanii fooyyeffachaa deemuun isaanii barbaachiisaa waan ta'eef barsiisoota digrii 1ffaaf gosa barnootaatiin calallee akka erginu dhaamsa bilbiilaan nuuf dabarsitanii jirtu.

Bu'uuruma kanaan haaluma gahoo isin nuuf kennitan irratti hundoofne barsiisoota gosa barnootaa isaaniitiin A/Amaaraa 1, A/Oromoo 1, A/Ingiliizii 1, Baayoolojii 1, Kemistirii 1, Fiiziksii 1, Herreegaa 1, ICT 1, HPE 1,BTD 1, Muzic 1, Special need 1 fi Art 1 waliigala Barsiisoota 13 barnoota digrii 1ffaa fillee kan ergine ta'uu isin beeksifna.

Nagaa Wajjiin



Lakk WB/BMSHA 1290/05

Guyyaa 13/10/2011

WMWD Bul/Mag/shaa/nneetiif

**Shaashamannee**

Dhimaa :**Mindaa obboo kadiir Nuuree ilaala**

Akkuma mata duree irraatti ibsamuu yaalametti obboo kadiir Nuuree rakkoo hawaasummaa irraa kan ka'ee mindaan isaa kan ji'a waxaabajjii dursee fudhachuudhaaf iyyaannoo guyyaa 13/10/2011 nuuf barreesseen nu gaafataniiruu.

Bu'uurummaa kanaan mindaan obboo Kadiir Nuuree kan j'a waxabajjii qarshii 6036.00(kuma jahaa fi soddomii jahaa ) kodii bajaata 311-01-10 irraa bahii ta'ee akka kafalamuu isin beeksifna .

Nagaa Wajjin

Ayyisaa Sobbooqaa Badhaadhaa
ፈይሳ ሰቦቃ በዳዳ
Feyisa Seboka Bedada
B/D Gaggeessa Waajjiraa
የጽ/ቤት ኃላፊ

Lakk. u/BBMSHA/1271/87

Guyyaa 26/09/2011

Dhaabbata FARIS tiif.

**Finfinnee**

Dhimmi:- Deeggarsa Gaafachuu Ta'a.

Akkuma armaan olitti tuquuf yaalametti barataa **Dureessaa Shukurii** kan jedhamu **sababa maatiin isaa harka qalleessa ta'eef** bara **2009** irraa eegalee kaffaltii malee bilisaan barataa turuu isaa fi yeroo ammaatti qabxii ol'aanaa galmeessee waan jiruuf qormaata biyyoolessaan booda leenjii dabalataa dhaabbata kanatti **(FARIS)tti** barachuu akka danda'u xalayaa deeggarsaa akka barreessinuuf manni barumsa **Liidstar** xalayaa Lakk. **LSA/943/65/011** guyyaa **22/09/2011** barraayeen nu gaafatee jira.

Kanaafuu, dhaabbanni kun dhimma kana hubatee barataan maqaan isaa armaan olitti tuqame kun dhaabbata kanatti bilisaan barachuu akka danda'uu haaluma gaaffii isaanitiin deeggarsi barbaachisaan yoo taasifameef jecha xalayaa deeggarsaa tanaan gara keessan erginee jirra.

Nagaa Wajjiin


Eeliyaas Jamaal Yuunee

Gaggeessaa Adeemsa Hojii Ijoo

Fooyya'iinsa Manneen Barnootaa

የት/ቤቶች ማሻሻያ አብይ

የሥራ ሂደት ባለቤት



Lakk ……………………

Guyyaa ……………………

**Obbo.Alamaayyoo Dammasaa tiif**

**<u>Shaa/nnee</u>**

**Dhimmi:- <u>Bakka Bu'ummaa Hojii Kennu Ilaala.</u>**

Akkuma mata duree irratti ibsuuf yaalametti ani obboo **Mul'ataa Takilee** hojii motummaaf guyyaa 18/02/2012 hojiif waan deemuuf eddo kiyyaa bakka buutani akka hojjattan isiin yaadachiisa imaana fi ittigaafatamummaa isinitti gatamee amantaadhaan akka baatan cimisine isiin beeksifna.

Nagaa Waljiin

Mul'ataa Takilee Qajeel…


ሙለታ ተክሌ ቀጄላ

Muleta Tekle Qejela

*<u>G/G</u>*

- *Wajiiraa MWD Bul/Mag/Shaa/nnee tiif*
- *Wajiiraa Ispoortii Bul/Mag/Shaa/nnee tiif*

**<u>Shaa/nnee</u>**



Lakk. WBBM(HA)/1/29/8

Guyyaa 26/09/2011

Mana barnootaa Haftee ____________ tiif

B/J

Dhimmi:-**kitaabaa waxabajjii 30 dura akka barattootaaf rabsitan beeksiisuu ila**ala.

Akkuma gubbaa irratti ibsuuf yaalame barataan **bara 2011** barnootaa isaa xumuree kutaa itti aanuutti darbe kitaaba fudhatee akka Ganna dubbisee Qopha'e dhufu kallattiin **BBO** irraa kayameera.

Bu'uura kanaan Mana abarnootaa keessanitti barataan Qormaata fudhatee kutaa itti aanutti darbe hundi kitaaba kutaa itti darbee karaa guutuu ta'een fudhatee Ganna dubbisuun akka itti Qopha'e dhufu akka gootan cimsinee isiin beeksisaa rabsaa kitaabaatiin booda inventerii kitaabaa gaggeessuun hanga Adoolessaa **15/2011** Gabaasaan akka nu beeksiftan isiin beeksifna

.

Nagaa waajjiin

Musxafaa Hinseenee Adii

ሙስጠፋ ሂንሴኔ አዴ

Abbaa Adeemsa Hojii Ijo


Sirna Barnootaa

የሥርዓት ትምህርት አብይ

የሥራ ሂደት በለቤት

G/G

Hooganaa waajjira keenyaatiif



Mootummaa Naannoo Oromiy...
Bulchiinsa Godina Arsii Lix...
Waajjira Ispoortii Aanaa Shaashan...
በኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት በምዕራብ
አርሲ ዞን ... ወረዳ
ስፖርት ጽ/ቤት

Lakk [illegible]

Guyyaa 7/2/2012

**Koree federeeshinii kubbaa miilaa B/ magaalaa shaashamanneetiif**

**<u>Shaashamannee</u>**

**Dhimmi ;** Heeyyama Istaadiyoomii gaafachuu ilaala

Akkuma mata duree irrattii tuqamuuf yaalameettii wol dorgommii shaampiyoonaa kubbaa miilaa sadarkaa aanaa irrattii xumuruuf heeyyama istaadiyoomii guyyaa 13/2/2012 hanga 17/2/2012 akka nu deeggartan kabajaan isin gaafana .

Nagaa wajjin!

Hablaamuu Turaa
ሀብላሙ ቱራ
Dursa Garee Beekamtif Fasiliti Ispoortii
የስፖርት ማህበራት እውቅና የቡድን መሪ

G/G

W/Ispoortii B/Magaalaa Shaa/nneetiif


M/N/O Waajjira Ispoortii
Bul/Mag/Shaa/nnee

Lakk ...............

Guyyaa ...............

Waajjira Daldalaa fi misooma Gabaa Bul / Mag/ Shaashamanneetif
Shaashamannee

Dhimmii: - Deeggarsa gaafachuu ilaala

Akkuma mata duree irratti ibsuuf yaalametti Addee/obbo ............... ganda ............... Hojii puulii haaraamsuu waan barbaadaniif xalayaa deeggrsaa gara waajjira keessaniif akka barreeffamuf lyyannoo gaafa guyyaa 29/12/2011 barreessanniin nu gaafatanii jiru

Kanaafuu gama keenyaan heeyyama hojii tapha puulii taphsiisu akka haaromsanii gama keessanin deegarsa akka gootan kabajaan isin gaafanna

Naagaa wajjiin

Alemaayyoo Daamasaa Fayissaa
Gaggeessaa Adeemsa Hojii
Leenjii Hirmaannaa fi
Wal-dorgommii Ispoortii

G/G

- Waajjira ISP Bul /mag/ shaashamanneetiif shaa/ nnee
Shaa/nnee

IBSA

Qorataan maqaafi mallattoo koo armaan gaditti eerame waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa kiyyaa fi kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessattuu qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta'uusaa,akkasumas wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda isaanii wabii keessa kaa'uu kiyyaa mallattoo kiyyaanan mirkaneessa.

Maqaa : Bokoree Gaarummaa

Mallattoo :______________________________

Bakka :_________________________________

Guyyaa:_________________________________

Barataan __________________________waraqaa qorannoo isaa seeraa qorannoo eeggeen qopheessuu isaafi muummeef galchuu danda'uu isaa/ishee ani gorsaan maallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa______________________________________

Mallattoo____________________________________

Guyyaa_____________________________